FIRII FARRAA

(ASOOSAMA)

Maxxansa 1ffaa Caamsaa 2013/ 2021

Maxxansa 2 ffaa Fulbaana 2014/ 2021

MUHAADDIIN HASAN GODAANAA

FINFINNEE, OROMIYAA

Fulbaana, 2014/ 2021

© Muhaaddiin Hasan Godaanaa

Mirgi hunduu seeraan eeggamaa dha. Kitaaba kana eeyyama barreessaatiin ala maxxansiisuus ta'ee raabsuun seeraan nama adabsiisa. Wabiif itti fayyadamuun garuu mirga abbaati.

Fulbaana, 2014/2021

GULAALTOTA

1. Walqixxee Indaalee Guuttataa (Gaazexeessaa, Barreessaa fi Barsiisaa)

2. Taammiraat Addaamuu Emaanaa (Gaazexeessaa fi Gorsaa Dhimmoota Miidiyaa)

3. Gammachiis Abdallaa (Barataa, Barreessaa fi Gulaalaa)

4. Anuwaar Firrisaa Yaadataa (Gaazexeessaa)

5. Abboomaa Qaasoo Saaddoo (Gaazexeessaa)

Gumaata Yaada Keessaniif Teessoon Barreessichaa:-

▪Bilbila :-**0993985509 / 0938092292**

▪ Facebook: **Muhadin Hasan**

Email: muhadinhasen1@gmail.Com

Telegram: Muhadin Hasen

Dhaamsa Gorsitootaa

Gaafa dhugaan dhokatu, yoomuu gareen lamaa dhama'aa jiru, gaafa gareen tokko dhugaa mul'isuuf boolla meeqa qotu, Gareen isa kaanii dhugaa ukkaamsuuf haafa ykn kosii baala itti tuula. Ta'us garuu dhugaan hagamuu yoo awwaalame, warra dhugaa barbaadaniif argamuun isaa hin oolu. Garaagarummaan gidduusaanii jiru warri dhugaa dhokse gammachuun dhiichise, gaafa dhugaan ol baatee mul'atte boquun lafa jala darbuu isaati. Wanti rakkisaan dhugaa barbaadonnii fi dhoksitoonni al takkaa gammaduu hin danda'an, gammachuun isaanii wal faallaa deema.

Sooressaa Damee Toleeraa (Injiineera)

Duumessi hurrii makatee, hurriin dukkana uffatee, hammamuu walii galanii, addeessaafi urjii ifa dhoksanis aduu ifaa dhoorkuuf garuu humna bicuu isheerree hin qaban. Hammuma dabaree isaanii halkan walii galanii, samiifi dachee walitti hidhanii, eenyunuu lafa argaa dhoorkan yeroon isaa gahee yoo ganama'u ammoo biiftuun ariitee bakka dhufa isaaniitti isaan deebisti. Sobnis haganuma; jechoota filee, miidhagsee, tarreessee, qindeessee hammam dhugaa fakkeessee yoo ittiin nama burjaajesseyyuu guyyaa haqni bicuu tokko mul'attu ammoo gaggeessaa tokko malee, dharri haqaaf bakka gadi dhiisti.

Walqixxee Indaalee Guuttataa (Gaazexeessaa, Barreessaa fi Barsiisaa)

Har'aaf jabina itti haa fakkaatu malee, warri soba daldalan boru salphina guddaa simatu. Daldaltoonni sobaa ganama isaanii tolfachuuf jecha galgala isaanii balleessu. Silaa otoo hubannoon jiraatee galgala ofii busheessuu irra dhugaaf, walqixxummaaf jedhanii, ganama ofii fokkisanii galgala ofii bareechuun filannoo filannoo olii ture. Daldaltoonni sobaa kunniin booddeen isaanii ulfina osoo hin taane salphina dha.

Abdii Jamaal Sa'id (Ogeessa Miidiyaa Fi Gorsaa Dhimmoota Ogbarruu)

WAA'EE ASOOSAMICHAA!!!

Asoosamni ‘**FIRII FARRAA’** Naannoo Oromiyaatti Godina Arsii Aanaa Heexosaa magaalaa Itayyaatiif, naannawa Aanolee Saallanii gidduutti kan dalagameedha. Asoosamni ‘**FIRII FARRAA’** aadaa oromtichaa kan calaqisiisu fi bu'aa ba'ii jireenyaa kan agarsiisu dha. Dabalees sadarkaa jireenya baadiyaa irratti xiyyeefatamee kan dalagameedha. Akkasumas duudhaa, aadaa, bulmaata kan calaqisiisu, dhugaa kan akeeku, bu'aa ba'ii jaalalaa kan qabu, badii farraa kan agarsiisu akkasumas ergaas kan dabarsuu dha.

AKEEKKACHIISA!!!

Asoosamni gaaf barraa'u, namfakkiilee of keessatti hammatu qaba. Namfakkii jechuun namoota lubbuun jiran osoo hin taane, akkuma maqaan isaa ibsutti namatti kan fakkeefamuu dha. Namfakkoonni kan isaan jiraatan addunyaa asoosamaa qofa keessa jiraatu. Namfakkoota asoosama koo keessatti bakka lamatti qoodnee ilaaluu ni dandeenya. Namfakkoota gurguddoofi namfakkoota xixiqqoo jennee qoodna. Namfakkoota gurguddoo kan jedhaman asoosama '**FIRII FARRAA'** keessatti hirmaannaa olaanaa kan taphatan yammuu ta'u, namfakkoota xixiqqoon immoo namfakkoota gurguddoo tumsuuf kan gargaaran, akkasumas yeroo barbaadaman qofa kan dhufanii dha. Fkn asoosama 'FIRII **FARRAA'** keessatti namfakkoota gurguddoo keessaa **Halkoon** ishee takka dha. Akeekkachiifni kitaaba asoosama koo namfakkoota seenaan kan wal hin qabanne ta'uu isin hubachiisa. Fkn kitaaba seenaa "**Wayyooma "** jedhu kan bara 2019 Waldaa Dubartoota Aanoleetiin barraaye, keessatti Halkoon dubartii sababa rakkoo hawaasummaa ishee irra gaheen deeggarsa dhabdeen komii hawaasa ofii irratti horattee, diinaaf jaajussa ykn basaastuu ta'uudhaan dhumaatii uummata Oromoo Arsii Azuulee irratti Dargeen raawwateef gahee guddaa taphattee jirti. Hawaasichi Halkoo hiyyummaatti dhiisuu qofa osoo hin taane odeefannoo sobaa isheen gama diinaa irraa fiddu ragaa malee, amanuun mul'ateera. Kanaaf dubbistoota koo Halkoon an namfakkii asoosama '**FIRII FARRAA'** jedhu keessatti itti fayyadame tun, tan seenaan wal hin qabanne ta'uu isin hubachiisa.

WAA'EE BARREESICHAA

Dachee uumaan badhaase Naannoo Oromiyaa giddu galeessa Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dudga'aa Ganda Araaxaa Cufaa keessatti Abbaa isaa **Hasan Godaanaa** fi Haadha isaa **Ziiraa H/Gannaa** irraa bara **1994/ 2002** dhaladhe. Akkuma oromtichi mammaakee lafa kaa'e "Qal'adhus an obboleessa ebooti jette" lilmoon. Lafaa dhufaa barataa sadarkaa lammaffaa ta'us, anis barreessaadha. Keessi koo ati addunyaa keessa jirtamoo? Addunyaan si keessa jirti? Dabalees addunyaa kanaaf maal gumaachiteetta? Naan jedhaa yeroo dheeraaf gaafii kana naaf dhiyeessa. Har'a garuu gaafii keessi koo yeroo dheeraaf ana gaafachaa ture sana deebisuufii danda'eera. Furmaanni ani gaafii sanaaf laadhe sun, akka an kitaaba asoosama kana fakkaatu dhalootaaf gumaachu na taasiseera. Kanaan dura kitaaba asoosama '**SAFUU KIYYEEFAMTE**' jedhu barreessee isiniif gumaachuun koo ni yaadatama. Deemsi miila koo na imalchisee addunyaa barreesitoota keessa na seensise imala isaa hin dhaabu. Deemsa isaa itti fufa...

GALATA

Jalqaba irratti rabbiin galateeffachuu fedha. Bu'aa bayii hedduu keessa na tarsiisee akka ani injifannoo goonfadhu na taasiseera. Itti aansee harmee too Ziiraa H/Gannaa kan garaatti na baattee, na deessef akkasumas gumaacha hedduus naaf laatteetti. Abbaa koo Hasan Godaanaa daa'imummaa irraa na kaasee barnootaratti na cimsee na guddises isaan lachanuu umrii dheeraa isaanii hawwa. Obboleessa koo akka abbaatti keessa koo kan naaf hubatu Xaahir Hasan bakkuma jirtu hundatti kabajami, umrii dheeradhu jechuuniin barbaada. Akkasumas Riyaad Hasan, Haamid Simbaa fi Abaadir Sulxaan Abdurrahmaan Hajjii hunda isaanii galateeffachuu barbaada. Obboleettii too akka haadhaatti kan keessa koo naaf hubattu Tamiimaa Hasan umurii dheeraa siif hawwa. Akkasumas Misraa Hasan, Roozaa Hasan, Aashaa Qaasoo, Amaanee, fi Mayramaa hunda isaanii galateeffachuu fedha. Akkasumas dadhabne, nuffine osoo hin jedhin yeroo isaanii kennanii kan naa gulaalan, Obbo Taammiraat Addaamuu, Gammachiis Abdallaa, Abboomaa Qaasoo, Anuwaar Firrisaa akkasumas ogummaa ogbarruu keessatti akkan cimee galma gahuuf gorsa danuu kan naaf laatan, Obbo Abdii Jamaal, Sooressaa Damee, Walqixxee Indaalee hunduma isaaniif galanni koo onneerraati. Golga kitaabicha gubbaa kan naaf dalage Kennaa Balaay isas galateeffachuu barbaada. Addumatti asoosamni kalaqa sammuu koo ta'e maxxanfamee uummata Oromoo bira akka gahuuf, gahee olaanaa kan taphatan, hamilee fi horii qabaniin na cinaa kan dhaabbatan:

1. Yuunivarsitii Arsii

2. Waldaa Qaxxaamura Diimaa Damee Godina Arsii

3. Abduljabbaar Huseen Gammadaa (Abukaatoo fi Gorsaa Seeraa)

4. Taammiraat Addaamuu Emaanaa (Gaazexeessaa fi Gorsaa Dhimmoota Miidiyaa)

5. Obbo Ganamoo Nagawoo (Hojii Gaggeessaa Bulchiinsa Magaalaa Asallaa)

6. Dhaabbata Warshaa Hodhaa Dizaayina Gadab Teessoon magaalaa Asallaa lakk bilbila 0915979797

Hiriyyoota yoomuu isin hin daganne Nuuraddiin Edoo, Nuuraddiin Kadiir, Naasaa Kaasim, Nabiyyuu Kamaal, Ibraahim Kamaal, Reduwaan Abdallaa, hunda isaanii maqaa kootiin akkasumas, maqaa dubbistoota kootiitiin galateeffachuu barbaada. Hinaaftonni koofi hinaaftonni Ogbarruu Oromoos galatoomaa isin jedha. Dabalees karaalee gara garaan yaada jajjabinaa naaf laataa kan turtanifillee galanni koo galaana.

Yaadannoo

Yaadannoon kitaaba koo wareegamtoota Aanolee, Calanqoo akkasumas dantaa uummata Oromootiif jecha kan lubbuun isaanii aarsaa taate Ogbarruu, Aartii, Barnoota, Siyaasa, qabsoo keessatti umrii isaanii guutuu otoo uummata oromootiif dalagaa jiran, lubbuun isaanii addunyaa kanarraa darbeef haa ta'u !!!!

DHAAMSA

Dhaamsi koo wanti an isinii dhaamu yoo jiraate dubbistoonni koo cufti kallattii ogummaa qooda qabdaniin cimtanii, akka dalagdan dhaamsa kooti. Isaan qabsoo uummata Oromoo keessatti jaarraa darbanii hanga jaarraa har'aatti lubbuun isaanii aarsaa ta'eef, akkasumas qabsoo taasisan keessatti kaayyoo qaban otoo galmaan hin gahin, kan lubbuun isaanii addunyaa kanarraa boqate, akkasumas isaan nuti har'a akka dhaabbannu nu taasisanii ofii isaaniitii aarsaa ta'an, kaayyoo isaanii cichitanii, akka galmaan geettan ergaa jabaa kooti. Gocha farraa dhabamsiisaa, soba maseensaa, dhugaa dachaan dhalchaa, karaa dhugaa filataa, dhugaas abdataa, haqa jirtu baasuuf sagalee qarataa, soba awwaalaa, dhugaa boollaa baasaa, faana dhugaatiin riqicha dhugaarra imalaa. Tokkummaa, jaalala, waliin jireenya cimsaa, iccitii walii eegaa. Kitaaba asoosama 'FIRII FARRAA' koo keessatti dogongora akkasumas loqoda jecha safuun wal qabatee, dogongoota kitaaba asoosama keessatti uummaman irraa wanta maqes ykn jallise yoo jiraadhe dogongora irraa na ofkalchaan dhaamsa kooti.

Qabiyyee Kitaabichaa Fuula

Seensa.....14
BOQONNAA TOKKO
Abjuu Hoongaa'e.....15
BOQONNAA LAMA
Miila Maanguddootaa 42
BOQONNAA SADII
Yaa Hiree.....51
BOQONNAA AFUR
Uumamtee.....58
BOQONNAA SHAN
Yaalii Milkaa'inaa.....71
BOQONNAA JAHA
Akeeka Araaraa.....83
BOQONNAA TORBA
Simannaa Qilleensa Haaraa.....90
BOQONNAA SADDEET
Iccitii Qormaatamuuf Deemu.....95
BOQONNAA SAGAL
Fedhii Hoonga'e.....100
BOQONNAA KUDHAN
Albeen Abbaan Qare Abbaa Qale.....107

Dhugaa Duuba Joori 118

SEENSA

Asoosama barreessuuf kennaan murteessaadha. Kitaabota baay'ee garagalchanii dubbisuun dirqama. "Asoosamni hojii yaadaan arguu, uumuu ykn kalaquuti." Rarra'iinsaan kan guutameedha. Ergaa kan dabarsuudha. Asoosamni sona, safuu uummataa, duudhaa, aadaa, bulmaata, waliin jireenya, jaalala, kabaja, adaba, falaasamoota hawaasummaa, afoola, aartii, seenaa giddu galeeffatee, kan dalaguudha. Asoosamni ijaargochaan dabaalamee, waldiddaa hammatee agartuu ijaatiin dhuunfatamee seenaa asoosamicha namfakkootaan sammuu dubbistootaa keessatti bocamee kan uummamu dha. Dabalees yoomessaan kan murtaa'eedha. Namfakkiis dabalatee ta'iinsota asoosama keessatti argamaniidha. Asoosama barreessuuf of qopheessuun dirqama. Of to'atuun murteessaadha. Miira ofii koloneeffataa, obsaaf of kennitee, rakkoolee si mudataniif otoo harka laatiin deemsa kee itti fufta taanaan ni moota. Addunyaa barreesitootattis ni makamta. Galaana qaxxaamurtee, tulluu hedduu baatus, riqicha milkaa'inaa keerra abdii guutuun gufuulee karaarra jiran of jalaa qulqulleessaa miila milkiitiin ni imalta. Abshir!

Barreesicha!!!

Dubbisa Gaarii!!!!!

BOQONNAA TOKKO

Abjuu Hoonga'e

••••••••Gadaamessi shiraan yeroo dheeraaf ulfaa'e dhaluuf deema moo inni ulfeesse sun isa barbaadu sana dhaaluuf deemaa? Dhaala isaa osoo hin taane dhala shira isaa kana ilaalee hubateetu, hireen jecha kana itti maxxansa. " Kan kee hireen mucha sangaati." Dhaala hawwa. Hawwii sana dhaba. Mammaaksi oromtichi mammaake kun isaafi. "**Dhabaaf malee, cirriin foon kajeelti."** Arjoomni isaa maseena. Muka damee farra babal'ifate, firii isaa arguuf kunuunsa. Kiyyoo uuffatasaatti xaxee deema. Aariin sammuu isaa keessatti hoomachaa'e, qaama isaa irraan finfinee aara. Gocha safuu dhalchuuf foffoolata. Hidhii addaan saaqee, soba seeqa. Mil'uu isaa sana irra deddeebisaa morma isaa dabsa. Gufuun deemsa isaatti mufatee, darbee isa kuffisa. Gufuun sakaaltee, lafaan isa dhoofte sagalee yeedaloo kana gurra isheetiin dhageessi. **"A'aa, "A'aa, "A'aa"** Saffisni inni lafa dhahe, awwaara ykn dhukkee lafatti rarra'u bitaa mirga facaase. Faca'iinsi awwaara sanii battaluma naannawa sana to'ate. Awwaarichi sun qusannaa tokko malee, qaama isaaf uuffata isaatti nam'e. Awwaaricha of irraa dhadhayaa, miidhama isa muudate sana dandamatatti sukkuummaa cinaacha isaa hammeessee teepha caalaa of harkisa. Barii isaa fokkise. Yaadni wal utubee sammuu isaa keessatti wal hore jiru sun jaanjesseetu utaalchisee karaatti isa baasa. Kophaa isaa deema. Kophaa isaa nyaata.

Tuuta dheessa. Isaaf mammaakamte **" Kan tuuta waliin hin nyaanne hantuuta waliin nyaata** " akkuma qomoon koo jedhu sani dha. Cabsee cobsuuf tarkaanfata. Faanti isaa gogaa dha. Ji'a bonaa keessa laga gu'aa tokko keessa ce'ee as baha. Akka madaa quba isaa, garaa isaa shiraan guba. Deemsa isaa fokkisa. Gola sammuu isaa shiraan xaxee dadhabsee of dammaqsuu dadhaba. Shiraan sammuu isaa sakaalee, meenbireenii sammuu isaa farraan haguugee, dabbasaa isarraan dhangala'ee akka bosonaa kunuunsa barbaadu san hurgufaan dhugaa achi keessatti wal horaa jiru sana of irraa harcaase. Aduun guyyaa walakkaa keessa hoo'a akka malee, gadi roobsitu sun kophaa deemaa kana hoo'aan dafqa irraan dhangalaafte. Coba onnee isaa sana gogsa. Humni rukuttaa aduu sanaa qaama isaa koloneeffatee, funyaan isaa sulula walmaddii paralaalii fakkaatu san, keessaan dhiiga irraan yaasa. Dheebuu irraa kan ka'e sululli qoonqoo isaa sun araddaa garaa mardhimaanii sana gogseeraam. Keessi afaan isaa dhangala'aa fixateetu hancufa gogaa tokko of keessaa darbata. Yeedaloon hancuficha **"Tu"** jedhu sun hidhii isaa sana daalacheesseera. Fuulli isaa bona qaanqee, qorraaf aduun waadamee bifa biraa biqilche. Dibbee gurra isaa sana qilleensa hamaatti qajeelcha.

Harka isaa gurra gubbaa qabee afaan isaa keessaa, yeedaloo kana baasa. **"Ah", "Ah", "Ah"** jedhee gurra isaa samiitti ol qaba. Sagaleen jabaan tokko bubbee makateetu dubbii tana gurra gubbaa yaasa. **"Jiruu qofaan mitii reeffi du'aan keetuu hin moo'atu.** Biiftuu gaara shiraan haguugamtee eeyyamsiifteetu qara ishee sana facaasaa fixeensa haqaan dacheetti rarra'u sana dacheerraa dhabamsiiftu sana agartuu isaatiin ilaala. Fooliin inni yeroo dheeraaf barbaadaa ture funyaan isaa of eeyyamsiisuu didee fuunfachuu dida. Jechoonni fokkisaa ta'an wal qindeessaniitu afaan isaa keessaan bahu. Ilkaan isaa sun yeroo baay'ee fiixee qara isaa sanaan hidhii isaa waraana. Mardhimaan isaa shira xannacha keessatti kuuse bara dheeraa lakkoofsiseera. Hortee shiraa hammeesseetu dhala dhugaa maseensuuf deemsa isaa qajeelfatee joora. Gaaf tokko osoo gara manaa galuuf deemaa jiru, obomboleettii bonaa isa dacheef waaqa gidduu lafa qabsiisee gulufu saniin dhaanameetu macha'iinsa malee, gatantaraa qe'ee aannan keessa yaa'u keessa qaxxaamuree deema. Mooraa dammi dallaa jiru, isa bosonni dallaa ta'e sana keessa qaxxaamuree ajaa'ibsiifataa deema. Qaroo ija isaa sanaan ilaalaa ilaaleetu muka qe'ee keessa jiru tokko arga. Deemsa miila isaa saffiseetu mukicha arge sanitti dhiyaate. Ija isaa samiitti ol qabee gaafa muka kana ilaalu, gaagura dammaa mukaa gubbaa jiru san arga.

Qaroo isaa sana bitaas garagalchee, mirgas garagalchee hafuura namaa dhageeffata. Gurri isaa sagalee tokkos hin dhageenye. Ijji isaas waan tokko hin argine. Galaa harkatti qabatee deemuun bobaa jala kaa'ateetu muka gubbaa baha. Mukarra ol siqee gaaagura dammaatti dhiyaata. Fedhiin isa rarraaftee muka isa korsiifte sun eeyyama malee itti nam'iteetti. Innis fedhii isaa sana injifachuu hin dandeenye. Gaafa harka isaa gaagura dammaatti naqu galaan inni harkatti qabatee deemuun sun bobaa jalaa konkaalaateetu mukarraa gara lafaa kufe. Aariin sammuu isaa sakaalee bobaa isaa akka abaaru isa dirqisiisa. Bobaan qaama isaa shira inni dalagu kana hubateetu boba'aa itti ta'a. Isa guba jechuu kooti. Sammuun isaa aariin boba'eetu mukarraa buusuuf dirqama. Muka gubbaa kore sanirraa gara lafaa bu'e. Gaafa mukarraa bu'ee lafa gahu galaan isaa sun nagaa itti dhaammate. Allaattiin hiriiree hiree isaa waaqa irraa eeggatu sun galaa mukarraa konkolaate kanaratti wal saamuun waan biraati. Allaattiiwwan galicha irratti wal saamee sooratus galicha battaluma dhabama taasise. Hiree biraa barbaachatti hiree ofii dhabe. Muka gubbaa kores otoo hin milkaa'iin, gara lafaa bu'ees otoo hin milkaa'iin abdii mureetu deemsa isaa gara fuuldura qajeelche. Gaafa mooraa qe'ee kana keessa ija isaa mitaa mirga facaasaa deemu, ijji isaa imimmaaniin dhuunfatamtee, ilaaluu dadhabdi.

Inni dilbii qotatu, inni loonirraa qarshii horatu, qe'ee leenca anfaarroo fixeensaa kan ta'e, dallaa isaatu isaa ragaadha. Qe'ee leenca nyaaraa, dallaa ejersi gaaraa utube, qe'ee utubaa jabaati. Mankaraaraan farraa, qe'ee dallichaa irraan tarkaanfate. Fedhii lubbuu isaa addunyaarra facaasa. Keessi isaa obsaaf otoo of hin kennin, hinaaffaaf jecha halkanii guyyaa hirriba dhabeetu jaanja'a. Miila isaa dheereffataa, qe'ee keessa qaxxaamuree dhufe san yaadataa, dinqiidhaan of guutee, miilaan tarkaanfata. Inni dur dinqiidhaan mooraa qe'ee keessa qaxxaamuree dhufe san yaadataa of ajaa'ibsiisaa deemu sun farraan koloneeffatame. Qe'een inni otoo hin qoratin, otoo hin sodaatin, kabaja malee qe'ee "caattoo" oromtootaa, keessa qaxxaamuree bahe sun, abaarsatu itti darbatame. Oromtichi eebbisee badhaasa. Abaarsi afaan isaa keessaa utaalee baha taanaan, garmaamee maxxana. Lafattii miti abaarsi**. " Isin dhaaluun koo hin hafu** " dubbiin jettu gurra isaan buuteetu isaan dallansiifte. Dallansuun sunis mammaaksa kana isaan yaadachiifte. "Farda kophaa fiiguu fi Nama kophaa himatu hin amanin" akkuma Oromtichi mammaakee jedhe san jedhaniitu isa kophaa qe'ee isaanii keessa qaxxaamuree deeme, san abaaruuf of dirqu. "Akka kee ta'aan, akka kee beekaan irra keessaan si dubbisa."

Akkuma jedhamu sani dha. Jedhee hayyichi Oromtichaas, salphataa kabaja malee, qe'ee qaxxaamuree deemu kanaan akkas jedheen. "Afaan kee haa hadhaawu, farraan michoomi, muka gugguftuu jala bahi, ganna dhudhufaa jala bahi, hamaa sirraa hin qabin, gaarii sitti hin qabin, fuulaa gadi gubadhu" jedhee abaarsa itti maxxansa. Garuu gaafa aadaa keenya dhaaltee, safuu eeggachaa, duudhaa keenya cimsitee nu waliin jiraatte, wal dandeenye otoo hin taane si danda'eetu, si totolcha. Garuu gaafa daangaa darbite immoo si fonqolcha jedheen dhaameef oromtichi. Inni dhaamsi gurra buute, gurra dhagaheen dhangalaase. Farraan sakaalamee, miilan lafa rukutaa, hidhii ciniinnataa deema. Mooraa qe'ee namni keessa jiru tokko argee itti ol seene. Natti dhihee ana bulchaa jedheetu maatii itti ol seene kana gaafata. Ol seeni rakkoo hin qabu jedhanii nyaatas, dhugaatiis laataniif. Oromtichis sirna gadaan bula. Arjaadhas.Kan uffata hin qabne uffisee daara baasa. Nyaachisee obaasa. Hammatee jiraata. Erga nyaata nyaate booda ijji isaa mana ciisichaa mimil'atti. Keessa isaa hubataniifii gara mana ciisichaa qajeelchan. Hirriba keessummeessuuf gara mana ciisichaa deema. Akkuma saree nama nyaattuuf, bishaan nama nyaatuu, sagalee otoo hin dhageesisin, luka isaatiin suuta ijjataatuma ol seene. Gaafa balbala mana ciisichaa banee ol seenu, fuuldura isaatti daawwitii manarratti rarra'eeru tokko arga.

Daawwiticha ilaallatuuf deeme. Keessa isaa osoo hin taane qaama isa gubbaa jiru ilaallata. Inni dur bifaan diimaa ture sun daawwiticha keessatti gurraacha'ee of arga. "Heeci" jedhaa daawwiticha achi darbe. Siree gubbaa koree wayaa isaa of irraa yaasaa, bullukkoo ofitti mare. Abjuun hiriira galee isa eeggachaa jira. Inni siree gubbaa geenyaan abjuuwwan dur hiriiranii isa eegan sun, eeyyama malee itti nam'an... Hirribaan koloneefatamee, siree irra ciisu gubbaa harka isaa boraafatee ciisa. Yaada bittinnaa'aa isaa sana addunyaarra facaasa. Yaada horee, koola baasee barrisa. Cinaacha isaa lachan bitaa mirgatti, mirgaa bitatti jijjiirataa, hirribaa isaa qajeelchee siree gubbaa garmaama. Sireen inni gubbaa ciisu ulfaatina isa dadhabdee, "qa", "qa" "qa", "qiiq","qiiq", "qiiq" sagalee yeedaloo sana dhageesifti. Funyaaniin qilleensa ol fudhataa, afaaniin baafataa, hafuura qaama isaa keessatti wal dhabu sanaan dhahannaa onnee isaa sana dabala. Bullukkoon inni ofitti mare sun dafqa irraan dhangalaase. Haada ykn wadaroo mormatti of dhayatee of rarraasuuf muka jala dhaabbata. Abjuun nama kanaaf guyyaa guutuu karoora baasaa oole, bofa itti fakkeessee, mormatti marama. Hudhameetu darbee, darbee hancufa liqimsa. Boficha ofirraa baasatti harka isaatiin morma isaa of kotootee, of dirmammeessa.

Cinaacha ofii jijjiirataa abjuudhaan sakaalamee, addunyaa addaa keessa of seensisa. Luka isaatiin abidda keessa dhaabbateetu, ilkaan isaa akka gitaaraa waliin rukutaa, hollannaa jabeesseetu, qorratee hurgufama. Du'a namaa dhaqee kolfa. Gaafa ilkaan isaa saaqqatee, "Kkkkkk" jedhee qaama isaa hunda dadammaqseetu, kolfa isaa sana itti hammeessu, ijji isaa kolfa isaa kana hinaafteetu imimmaan roobsiti. Galaanni ija isaa irraan dhangala'e kun, ija isaa akkas diimatee barbadaa fakkaatu san qabbaneessuu dadhabe. Imimmaan akkas irraan konkolaatu, uffata isaa miicceera. Of jajjabeesseetuma harka isaatiin ija isaa sukkuma. Otoo hiddii facaasu guyyaan itti dhiha. Inni dachee qotee hifate, samii otoo qotee facaasu abjuudhaan of arga. Gaara gubbaa taa'ee hidhii isaa sana ciniinnaan diimessa. Saffisni inni miila isaatiin lafa rukutu dachee komachiisa. Yaada shiraan sakaalamee, dhipinaaf of kenna. Yaadaan godaanee, otoo taa'u, miilli isaa konkolaatee, gaaf harkasaatiin lafa qabachuuf yaalu, dacheen isa komattee ofirraa konkolaachifte. Gaara gubbaa konkolaataa dhufee hallayyaatti of arga. Guyyaa funyoo argeetu abjuun halkan bofaan dararama. Gajaraan morma ofirraa buusee haftee isaa dhaabbatatti laala. Oromticha tokkummaan irraa calaqisu, kana hinaafanii tokkummaa kana diiguuf dungoo sobaa ibsaa, halkan keessa riqicha farraatirra kaatu.

Maali abjuu hin taane abjotuun jarana. Moo sa'a gu'e aannan elmatuuf rarra'u laata. Isa qofaa miti dhala gaangees ni eegu natti fakkaata. Summiin qorichaa jedhan. Buqqetu dhagaa cabsa, hiyyeessaaf boo'icha gorsu jedhan. Obsa wallaalummaa jedhu, kabaja sodaa se'u, abaarsaan eebba jedhu, Akkas jechuun isaaniis hin hafu. Biiftuu Bahaan dhiiftee Dhihaan baatu eegu! rifeensas tokkoon, tokkoon ni lakkoofna jedhu. Surree miilaan kaawwatan mataan baafanna jedhu. Jedhaniis hin dhiifne, manas utubaa malee dhaabna, dhiiratu ulfaa'a jedhu! Farra!! Hin dhamaati, jaarraa hedduuf joortee, waliif gadi kaatti. Moromtuu, hinaaftuu, hin qaannafannee, tan gamtaa kannisaa hin jaalanne, tuulaa shiraa tuulaa oolti. Jaarsa biyyaa maanguddoo irraa halangee baasuuf yaalti, farra harqootatti dibdee morma sangaa qotuu madeessuudhaaf yaalti, burqaa booressiti. Fira fakkaatee risaan sinbira nyaata. Afaaniin damma dibatee garaan summii baata. Dhugaa fakkaatee, riqicha sobaarra kaata.

Fira fakkaatee dhadhaan wayaa xureessa. Wajjiin nyaatee, dhugee duuba goree shira itti murteessa. Shiraan maallaqa booroo ofii guutee, of taasisa dureessa. Shira isaanii xaxaa, sobaa isaanii haaromfatu moofnaan. Garaa isaanii waliin mari'ataa namatti baasu tooftaan. Kokkolfaa nama nyaatti gonfaanis Akkuma Oromtichi jedhee mammaake sana dha. Nama waliin jiraataa, kokolfaa nama miidhu. Akkuma bokkaan aduu baasaa roobu sana jechuudha. Maali isaan abjuu hin taane abjotan? Oromtichi safuun bula, madaala uumamaa, seera uumaa eegas. Gaaf isheen daangaa dabarte abaaree hidda ishee dhabamsiisa. Akka isheen cittu, akka isheen dirmitu ishee taasisa. Garuu obsa baay'isa, irra darbaaf. Gaafa obsanii, irra darbaniif sodaa seetee geerraruudhaaf yaalti. Oromtichis mammaaketu lafa kaa'e. "Kan qaban qabaa hin guunne, gadi dhiisan dachee guuttii" jedha Oromtichi cal’isnaan, obsinaan arba ciisu seete. Gaafa dammaqsitee ofitti kaaftu, boolla isheen keesse seentee bahuu hin dandeenye ishee keessa seensisaam. Boolla keessa seensisee qofa hin dhiisu, biyyoo irratti tuula. Ijaa isaa wallaalte otoo beekte ta'ee leencummaa mirkaneesiti. Ofumaa tuttuqtee ofitti kaaftee, dhabama taati. Firii farraati.

- **Bara 1980 Bara sana ture.....**

Wal hubachaa wal bira darbu.....

Gochi nuti raawwannu, ajaja gubbaa nuuf kenname. Gaafa isin qormaatuuf, nuti gocha isiniif hin taane raawwannu, abaarsa nutti hin darbatinaa. Gaafa nutti abaarsa darbattan nuti homaa hin taanu. Muka qal'oo haroorressaa lootii sana qabannee, harka keenya lamaan samitti ol qabnee mootii keenya kadhanna. Gaafa isin qormaata nuti isiniif laannu sanaaf obsa kennitanii harka keessan lamaan samiitti ol qabdanii rabbii isin uume kadhattan nuti eebba isiniif laanna. Saakuu, waasoo, tula saglan, baddaan sadeen hundi isaa nagaa isiniif haa ta'u, tikseef uleen, elemaaf gaadiin, baraaf bariin, bobbaaf uchumti hundii isaa nageenya isiniif haa ta'u. Irree leencaa, mi'a daamuu, iddoo sonsaa, agaree yeeyyii, reebuu warseessaa akka taatan, isiniin jennee eebba isiniif laanna. Lafa nuti irratti dhalannee, ammas irra jirru irraa nu hin dhiibinaa.? Lafti lafeedha. Lafeen eenyummaadha. Eenyummaan keenyas yeroo dha. Bakka tokko hin teenyu, ni darbina, marmaarree ni deebinas. Gaafa bubbeen yeroo kee keessa akka waan duubaa isa waraanuuf, kaataa jiranii, saffisa isaa cimsee, mirqaansa isaa lafa qabsiisee, yeedaloo isaa **"Huuuuuuuu"** jedhu sanaan bitaa mirgaa waliin dhahuun, sinbirroota mukarra taa'anii **firii farraa** sana sooratan murkarraa harcaasa.

Garuu gaafa isaan kabaja nuuf laatan, nus waan qabnurraa muuxannee, kuufannee isaaniif qicna. Akka isaan afaan mi'aayan, dhugaas akka dhandhaman, soba akka hadheefatan, abjuusaniis akka dhugeefatan, akkasumas akka isaan umurii isaanii dura sammuun bilchaatan, bakka jiranitti orma biyya isaanii fira akka isaanii ta'u, nyaanni biyya isaaniis dhiiga akka isaanii ta'u, jennee gorsa isaaniif laanna. Homaa nurraa hin buusan kabajas nu dhoowwatan. Mammaakni sooqiddaaf mammaakame sun isaaniif "Yaa sooqidda ofii jettu mi'aayi ykn dhagaadha jedhanii si darbatu" akkuma jedhamu san. **Barbareef** gaafa hiika laannu nama gubdi jenna. Gaafa **bara barre,** isa barri barre sun of keessatti hammatee deemuun saniif hiika laanna. Isa barri of keessatti hammatee deemuun san keessa jirra anaaf atis. Suuta ijjetaa wal bira darbina. Gaaf akka malee, ijjanne " Maali lafti bara kana keessa akkas dabu " jennee dachee komanna. Akka barre san osoo hin taane akka baraa bulla. Sababnis gaafa akka barre san bulle, anis isa gigigsu sana lafa qabsiisee, lolaan isaan rakkisa. Atis hoo'aa kee san hammeesinaan dhangala’aa koo san maseensita gaaf san hoongeef saaxilamu. Wal hubachaa deemna. Otoo durduuba koo ilaalaa deemu isa fuuldura koo jiru saffisaan bira gaha. Dacheen yeroo koo keessa jiitee eebba naaf laatti. Akkamiin akka ishee irraa eebba argattu si qofatu beeka.

Duumessi yeroo koo keessa samii ukkaamsee, qabe ifa kee sanaan bitaa mirga faca'a. Biiftuun yeroo koo keessa duumessa keessatti dhokattee as bahuu saalfattu, gaafa hafuurri kee ishee gubbaa naannawu, sodaa qabdu sana of irraa mulqitee qara ishee sana addunyaaf facaafti. Akeekachiifni ifni kee yeroo kootiif dhaamu, onnee koo tarsaasee seena. Gaaf sodaan onnee kootii afaan godhatee haasa'uuf of dirqu, isa kanaan dura dacheef akka harma haadhaa guyyaa guutuu mirgaa oolu, sodaan akeekkachiisaa isaa koloneefatee akka inni of qusatu isa taasisa. Farris dukkanaa'ee ifa argachuuf miila koo jalatti na kufee na kadhata, waqxii koo keessa. Kadhaa isaa sana hoongesseera. Atis haqa qabdu sanaan ifa kee fayyadamtee, dungoo kee sana ibsaa farra dukkanaa sana moo'uun dirqama keeti. Gaafa farraaf harka laatte, gaabbiin si koloneefatee, yeroo kee sirra dabarsa. Waggaatti al tokko naanna'ee dhufuuf nagaa itti dhaammata. Iccitiin dhaamsa isaa uumaanis, uumamnis, humni uumamtootaas, miirri uumamtootaas, hundi isaanii si qormaatu. Isaan si hamataniif akka isaanii otoo hin ilaalin murtee keetiin, gara laafina kee sanaan milkii yandoo qajeelfamaa isaanitti roobsi. Isaan yeroo kee keessa imimmaaniin dafqan, daandii milkaa'inaa itti akeeki.

Farraaf iddoo laatin, miila milkiitiin imali. Murtii haqaas lallabadhu, dhugaaf jecha sagalee qaradhu, gaafa wal gorfanne riqicha giddu keenya jiru dhugaadhaan utubnee soba maseensina. Biqilaan guddatee asheetes ifa keetin farra dhabamsiisee, firii ta'a. Isaan yeroo kee keessa biyyootti makaman, boolla isaanii daadhiin akka guutu, rabbii ilmaan namaa uume, lubbu qabeeyyiif lubbu maleeyyii akkasumas uumama addunyaa kanarra jiru hunda isaa isa uume kadhadhuuf. Nagaa wal gaafannee, dhaamsa walii dabarsaa, wal bira darbina. Hireen ganama siif kenname keetuma akkuma oromtichi mammaakee sana dha. " Kan qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu." Anis hinaafuuf miti, yoon si gorses hinqaanfadhu. Dachee ta'i hunda isaa baadhu, hunda isaa obsi, dukkanaan marfamee, roobaan rukutamee danda'eera. Hamma danda'us hamtuu karaarra dhaabbattu lolaan deeggaramee, bitaa mirgaa didichee, lagatti hareera. Isaan hamaaf gurra isaanii saaqan sagalee bokkaatiin gigigsee gurra isaanii cufeera. Isaan imimmaan sobaan qaama ofii irra dhangalaasan roobaan deeggaramee, imimmaan sobaa sana irraa dhiqeera. Ifa kee sana hawwee jiraam. Naanna’ee dhufa hangasitti nagaa naaf turi. Jedhee waqxiin gannaas, waqxii birraatti nagaa dhaammate. Gorsa akkana fakkaatu naaf kennuun kee galanni siif qabu onneerraayi.

Iccitii waliis beekna mitii, atis jiidha kee sana lafa qabsiiftaaf. Yeroo tokko rokko raajiidha bar. Ofuma isaaniitii wal miidhu bar. Gaafa tokko lafaa ka'ee muka dacheerraa dhabamsiisee, hoongee ofitti waamu, isaan kuuwwan ni cal'isuum. Maali waansaa? Maali ciramuun bosonaa jedhaniis hin gaafatanii? Akkasuma isaan keessa namni gaariinis jira. Namni gaariin kunis dhaqee maaf cirta bosona? jedhee gaaf gaafatu. Inni ciru kun nutti mufii qaba fakkaata. Yeroo saniif cal'isuu filateera. Gaaf namni gaariin kun gaafii isaa itti deddeebi'ee, gaafii isaa sana itti hammeessu, maali namtichoo harka kootiin miti bar kan cire sibiilicha (gajaraa) gaafadhu isatu cire. Jedhee gaafii nama gaarii kanaaf deebii isaa deebisa. Namni gaariin isaan keessaa kun deebiin namticha muka ciru kanaa baay'ee isa ajaa'ibe. Battaluma hiika itti kenne deebii isaa sanatti. "Ahaaaaaaaa" akkas turee edaa jaarraa hedduuf jabbiloota keenya odaa jala jiran san haala kanaan harkatti galfachuu danda'anii edaa!! Amma naaf galte dubbiin. Dhugaa jedhe namtichi muka ciru sun. Inni otoo itti hin yaadin isa afaanii baate. Ana garuu garaa na madeessite. Sibiila inni qabatee deemuun santu muka cira. Sibiilichi gajaraan sun qophaa isaa muka ciruu hin danda'u. Sibiilichatti qaama hirkatetu jira. "Ahaaaaaaaaa" mee ammas yeroo amma keessa jiru kanaaf xalayaan barreessa. Jedhee yeroo keessa jiruuf xalayaa barreessa.

Akkas jedhee gaafii gaafate. Yeroon inni xalayaa barreesseef akkas jedhu. Sookoof soorgoon maali nuun jedhee gaafii nuuf dhiyeessa. Isaan keessaa namni gaariin sun. Nus waliin mari'annee, raggaasifnee akkas jenneen. Ofumaa hiikkadhu! Muramte. Inni gurri isaa gorsa kana fudhachaa jiru mammaakaan nagaa itti dhaammate. "Si'i afaanii baate ana gurra buute!" Birraanis bari’eera.

Mataa ofii moo'achuun, isa hunda **caala.**
Yoo ilaaltes ijji, qalbitu akeekkatee **laala.**
Yoo jiraates gochi farraa, dhugaatu **madaala.**

Haqnis akeekkataa kaadhu, dhugaatu si **faala.**
Baalli farri magarse, mukti dhugaas harcaaseera **baala.**
Humni haqaa farra dhabamsiisee, dhala dhugaa **dhaala.**

Soba dhugaa fakkeesanii jiraatanis **jireenya.**
Dhugaan soba injifachuu galmee haqaa keessa **keenya.**
Firiin farraas badii dhaluu asoosama kanarraa **dhageenya.**

Bara kudha sagal saddeetama 1980 bara sana ture. Jiini Sadaasa 25 dha. Jiini kun waktii sanyiin faca’ee, yeroo midhaan itti gahee, ooyiruurraa sassaabanii gara manaatti galchanii dha. Ta'us jiini kun hatattamaan baay’ee arifatee jiraam, ji'a Muddee simachuuf. guyyaan wiixata dha. Har'a bariin maaliin dhihinna laata? Magaalaa Itayyaaf guyyaan isa har’a kun gabaa guddaa dha. Gabaan Itayyaa har’aa kun nama baay'ee keessummeessa. Magaalli Itayyaa Godina Arsii Aanaan isaa Heexosaa magaalaa guddicha Godina Arsii magalaa Asallaa irraa kallattii kaabaatiin km 25 kan fagaatuudha. Gabaa Magaalaa Itayyaa kanaa namoonni baadiyaadhaa dhufan, wantoota isaan barbaachisu hunda isaa dhimma itti bahaa, gabaa kanarraa fayyadamaa galu.

ITTI CEHAA...

BAKKA BUUTEETTI AKKA'OO ISHEE

Afaan seenaa guutuu intala tanaa dubbatu; raajiidhaan guutamee fuulli dur seenicha intala tanaa akka duumessaa of gurraachessee, fuula isaa kottoonfachiisee ija isaatiin dubbisaa jiru, gaafa seenicha intala tanaa hubatu fuula isaa kottoonfataa dubbisu sanirraa of jijjiiree qaama ofii dammaqsaa, gammachuun machaa'ee, mirqaanaa, itti of kennee dubbisa. Seenichi dubistoota isaa raajiidhaan akkanatti koloneeffate kun seenaa intala tanaati. Intalti tun fakkaattuu akka akkawoo isheeti. Yeroo miila isheetiin deemtu suuta tarkaanfatti. Qocaanuu yeroo miila isaatiin deemu isheedhaan hin dorgoma. Deemsi intala tanaa gufuulee karaa gubbaa jiran dallansiiseera. Qoreen nama waraanuuf karaa gubbaa of qopheessee taa'u, gaafa miila intala tanaa argu ijji isaa lafa laala. Kopheen miila isheetti kaawwattu baay'ee ishii jaalata. Sababnis umrii na dheeressitekaa jedhee galata isheef galcha. Ollaan, firri ishee intala tana **Suutumee** jedhanii ishee waamu. Tasgabbooftuu faana qabbanaa, adaba qabduu, uumaan addaaf addunyaa isheef laate. Abbaan intala tanaa jaalala haadha isa deesse qabu irraa kan ka'e intala tasgabbooftuu, adaba qabduu isaa tana ijoollee qabu keessaa intala tana akka haadha isa deesseetti ilaala. Haalli intala tanaa akkuma akkawoo isheeti.

Intalli tun haadha abbaa ishee irraa murii buus. Haalli ishee akkawoo ishee waan fakkaatuuf abbaan intalaa intala isaa tanatti maqaa ishee **"Halkoo"** jedhee moggaaseef. Abbaan Halkoo intala isaa Halkoo tana maqaa ishee lafaa ka'ee cal jedhee miti kan moggaaseef. Haadha isa deesse yaadachuudhaaf jecha. Haati isa deesse addunyaa kanarraa waan boqatteef. Abbaan Halkoo Intala isaa tana Halkoo ija ishee keessa ilaalaa haadha isa deesse yaadata. Halkoonis maatiidhaaf mucayyoo baay'ee ajajamtuu dha. Akkasumas maatii dhalatte keessaa mucayyoo 5ffaa dhalattee dha. Intalti tun qal'oo mul'ii sonsaati. Hojjaan ishee baay'ee dheeraadhaam. Biftishee magaala. Abbaan Halkoo ijoollee 6 qaba. Hundi isaanii durba dha. Halkoon guddatteetti amma umriin ishee kudha 17 ta'eera. Halkoon ganamaan kaatee ciree maatiidhaaf dalagdi. Obboleewwan ishee fuuldura dhalatan hundi isaanii heerumanii, bultii godhataniiru waan ta'eef, maatii isaanii bira Halkoof mucaayyoo ishee gadii Jamiilaa qofatu jira. Jamiilaanis mucayyoo waggaa 11 ti guddachaa jirti. Otoo nama tokkos hin mufachiisin, nagaadhaan addaan galchi. Hirees namaaf baafta, namas wal barsiifta, wal hubannaa namaas ni cimsita. Jedhee galata galchaaf guyyaan Roobii guyyaa Kamisaatiif. Guyyaan Kamisa dha.

Guyyaan har'aa kun magaalaa Itayyaaf gabaadha. Gabaan magaalaa Itayyaa torbaanitti guyyaa lama. Isaaniis Wiiqxataaf Kamisa dha. Guyyaan har'aa kun bariin isaa nagaa ta'us, uumamtee injifachuu hin dandeenye. Gabaan Kamisaa har'aa tun, dallanteetu Halkoo manaa ishee baafte. Halkoonis ganamaan midhaan daaksisuudhaaf midhaan sortee, kan gurguramuu qabus qopheefattee, harreetti feetee, harree midhaan itti fe'ameef, uleedhaan rukutaa hatattamaan naannawa itti dhalatte naannawa Aanolee Saallanii jedhamtu, irraa gara magaalaa Itayyaa imala ishee itti kutte... Naannawni addaa Ganda qonnaan bulaa Aanolee Saallanii jedhamtu Godina Arsii Aanaa Heexosaa magaalaa Itayyaa irraa km 12 kan fagaattuudha. Akkasumas magaalaa guddicha Godina Arsii magaalaa Asallaa irraa km 37 kan fagaattuu dha. Maqaan moggaasa naannawa kanaa aadaa Oromoo keessaa mogga'e. Sirni gadaa Oromoo Arsii keessatti lafti baalliin Gadaa irratti walii dabarsan hedduun maqaan isaa "**Aanole** "jedhamuun beekkama. Bakka ardaa Jilaa sirni gadaa Oromoo Arsii kan bulchiinsa dhadacha Qixibee irratti Baallii waggaa saddeet saddeetiin ittin wal harkaa fuudhan sun bakki isaa Aanolee Saallanii jedhamuun beekkama. Uummanni oromoo diinaaf otoo harka laatiin, harka kennachiisa. Kophee miilaa hanqisee, bakka isaan dhufanitti isaan deebisa. Aadaan, seenaan, afaan uummata Oromoo akka hin guddanne, ifatti bahee akka hin calaqisne jaarraa darbaniif hacuucaa turan.

Dabalees gita bittoonni jaarraa darbaniif, sababa Goobanootaatiin biyya keenya weerartee to'atu dandeettee jirti. Hawaasa naannawaa kana irrattis gocha safuu, gocha farraa, gocha badii, gocha fafaa akkasumas gocha ilma namaaf hin malle kan irratti raawwatan. Naannawni kun yeroo amma kana iddoo seena qabeessa dha. **"HARMA MURAAF, HARKA MURAA AANOLEE"** jedhamee beekkama. Halkoon onnee nama kanaa keessa seenteetti. Dargaggeessi kun rifeensa magarse sana filee, irree qabu sana fuulduratti dhiibaa, harkasaatiin ilkaan isaa aannan fakkaatu sana rigataa, miila isaa gara gabaa magaalaa Itayyaatti qajeelche. Dargaggeessi kun "akkamiin kan koo taasisa Halkoo akamitti harka koo keessa naaf seenti" kan jedhu yaadni baay'ee isa jeeqa. Dargaggeessi kun Godina Arsii Aanaa Heexosaa Ganda Guuticha jedhamee waamamu keessatti dhalatee guddate. Maatiin isaa gaafa inni dhalatu **" Wayyeessoo"** jedhanii maqaa moggaasaniif. Guyyaa har'aa kana Wayyeessoonis hiriyyoota isaa waliin gara gabaa magaalaa Itayyaatti imala isaanii itti kutan... Hiriyyoota isaa waliin akkuma achi gahaniin Wayyeessoon "naan fincaana" jechuun hiriyyoota isaa biraa duubatti hafe. Fincaanee xumurraan Halkoo harreetti midhaan feetee, mana baaburaa ykn gara mana midhaan itti daaksisanitti seentu arge. Ishee arginaan keessa isaatti baay'ee nahe. Hidhii ciniinnachaa, miilaan lafa rukutaa, of waliin haasa'aa, gara hiriyyoota isa fiigichaan adeeme.

Guyyaan kun isaaf har'aa qormaata guddaadha. Wayyeessoon akkuma hiriyyoota isaa bira gaheen battaluma hiriyyoota isaa waliin marii eegale. Wayyeessoo “Mucayyoo kanaan dura jaalalli irraa na qabe tokko qaba. Isheetti dhiyaachuuf haalli naaf hin mijanne ture yeroo dheeraaf jaalala ishee dheebochaa ture. Har'a kunoo ishee gabaa baatee, gara mana daakuu itti daaksisan seentuun arge. Keessi koo waa yaadee jiraam." Jechuun hiriyyoota isaaf dubbii tana gurra buusa.

Hiriyyoota isaa: "Maal yaade keessi kee? " Jechuun gaafatan.

Wayyeessoonis ishee akka butuu barbaadu fedhii qabu hiriyyoota isaatti hima. Hiriyyoonnis rakkoon tokkos nu bira hin jiru. Haala siif mijeessina hin yaadda'in koodee jechuun hamilee isaaf laatu. Sana booda hiriyyoonis amma maal akka raawwannu qofa nu akeeki jedhuun. Wayyeessoonis "Galatoomaa hiriyyoota koo! Akkami laata keessuma koo hubattaniim moo jechuun gammachuu itti dhagahame isaaniif hima. Amaan namni jedhamu hiriyyoota Wayyeessoo keessaa nama ga’eessa dha. Akkasumas cimeessas waan ta'eef, akkamiin akka Halkoo butan hiriyyoota isaa mariisisaa jira. Amaan hiriyyoota isaanii keessaa Hajjii nama jedhamu gahee isarraa eeggamu akkasumas wanta inni dalagu qabu, itti gaafatamummaa isaa itti hima. " Halkoon maal irra akka jirtu, maal irra akka geesse akka ishee hordofu Hajjii itti ergu.

Hajjiinis gahee kennameef fudhatee gara mana baaburaa ykn gara mana midhaan itti daaksisanitti qajeelee, hordoffii isaa cimse. Mana midhaan itti daaksisanitti ol seenuun baay'ee nama hin rakkisu waan ta'eef. Hajjiinis akkuma mana midhaan itti daaksisan bira gaheen gara mooraa ol seene. Ol seenee gara bitaas, gara mirgaas mimil'ate. Yeroma mimil'atu akka carraa Halkoo arge. Arginaan gara duubaa deebi'ee, balbala mana midhaan itti daaksisan fuuldura gara bitaatti siqee dhaabbatte. Halkoon midhaan daaksisaa jirtu xumurtee, daakuu qabdee gara alaa baate. Qarshiis kaffaltee harree itti feetu hidhaadhaa hiikuuf gara harreen itti hidhamte deemte. Akka tasaa of duuba garagaltee mucaa ishee mimil'ataa ilaalu kana agarte. Ijaan isa ilaalaa harree hidhaadhaa hiikuuf otoo deemtu, osoo isheen hin argin harreen miila ishee jilbaa gadii kana dhiitte. Halkoonis dhukkubbiin itti dhaga'amnaan of irra gadi teessee miila dhiitamte san bira sukkuumatte. Suuta jettee harree hidhaadhaa hiiktee gara daakuu as fidde. Hajjii ishee ilaaluu kana yaadachaa garaan Halkoo baay'ee naheera. Qalbiin ishee bibittinnaaheera. Warroota midhaan daaksisan akka isaan daakuu harreetti fe'aniif kadhatte. Isaan Isheen kadhattes "Tole" jechaa daakuu harreetti fe'aniif. Halkoonis daakuu uffata isheetti ta'eef, akkasumas fuula ishee haxaawachaa, harree ooftee imala ishee gara Aanolee Saallaniititti kutte...

Hajjiin yeroo isheen daakuu harreetti fe’aniif argee gara hiriyyoota isaa fiigichaan itti kute... Akkuma isaan bira gaheen jilba qabataa, hafuura baafachaa jira. Hiriyyoonnis " Maal taate namatu si ari'e moo maali laata" jedhanii gaafatu. Hajjiinis " Namni tokkos na hin ariine. Mucayyoon isin bira na ergitantu mana midhaan itti daaksisanii, baatee deemaa jirti. " Jechuun dubbii tana gurra isaan buusa. Hiriyyoonnis ka’anii Halkoo duuba duuba deemaa jiru. Sa'aatiin 7:46 ta'eera. Sa'aatiin kun aduun dacheef ifaa ooltu, fiixee sammuu gubbaa geessee jirti. Yeroo gaaddidduun luka namaa jalatti ol nam'itu dha. Aduun fiixee gubbaa jiru hoo'a gadi roobsa. Halkoon garaan ishee baay'ee naha. Gaafa of duuba garagaltee ilaaltu dargaggeeyyii ulee qabatanii, baay’atanii deeman argiti. Magaala keessaa baatee, gara baadiyaa otoo deemaa jirtu hiriyyoota Wayyeessoo keessaa tokko isheetti dhiyaachaa deemuu jalqabe. Itti haasa'aan deema jedhee hidhii isaa saaqqannaan heeyyamamuu didde. Fuulli ishee daran gurraacha'eera. Rifannoonni onnee tarsaasee bahe daqfa qaama ishee irraan yaasa jira. Hin haasoftuu intalaa jedhaan?

Halkoon, "Qabi afaan kee narraa” jettiin.

Halkoo Keessa isheetti baay'ee rifachaa jirti rifannootarraa kan ka'e qaamni ishee hundi baay'ee dafqe, saffisaan adeemuu eegalte jirti. Otoo deemtu magaalaa Itayyaa keessaa baate. Amma bakki isheen geesse, hurufa diriiraa bakka loon ganama bahee nyaata funaannachaa oolee galgala mooraa ofiitti galuudha. Hiriyyoonni Wayyeessoo baay'inaan (3) sadii kan ta'an otoo isheen magaalaa hin bahin ishee fuuldura deemuun qophaatti ishee eeggataa jiru. Halkoon otoo deemaa jirtu kan durduuba deemuu ilaalachaa otoo deemtu kan fuulduraa itti dhalate. Otoo isheen hin yaadin itti bahanii, akka isheen hin iyyine reebuudhaan, kaballaan harka isaanii itti jijjiiraa, ukkaamsanii qabatanii deeman. Kan ishee durduuba deemaa jiru sun, isheen butamuu ilaallaan harree daakuun itti fe'ame san, gara maatii warra Halkoo qabatee deeme. Naannawa sanitti dhiyaannaan harree gara qe'ee qajeelchee, fiigichaan gara hiriyyoota isaa deebi'e. Wayyeessoof hiriyyoonni isaa Halkoo butanii, gara naannawa itti dhalatan, naannawa Guutichatti qabatanii deeman. Gaafa Halkoon iyyuuf yaaltu harkaan afaan ishee qadaadaa, uukkaamsaa, yeroo isheen qaamaan dhidhiitattu reebaa, baadhataa wal jijjiiraa fiigaanii, gara manaa itti kutan.....

Harreenis daakuu baattee qophaa isii gara manaa galte. Jamiilaanis harree galte ilaallaan" Halkoo gargaaree tan harreerraa daakuun hiika. " Jechuun mana keessa taa'aa jirtuu, gara alaa baate. Yeroo baatu harree daakuu baattee dhaabbattu qofa argite. "Halkoon maal taatee gar duubaa hafte. " Jechuun harreerraa daakuu hiiktee Halkoo ilaaluuf qe'een ala baate. Ilaaltee ni dhabde, ni lallabdes, homaa tokkos hin dhageenye. Battaluma gara manaa ol deebitee haadhatti, Halkoon akka hin jirre itti himte. Haati ishee Aadde Moominaan intala ishee Jamiilaa irraa dubbiin tun gurra buunaan " Nan bade intala too maaltu na jalaa nyaate." Jechuun baay'ee rifatte. Intala ishee Jamiilaadhaan dafii abbaa kee barbaadii saffisaan waami jetteen. Jamiilaanis hatattamaan fiigaa mana ollaa isaaniitii abbaa ishee waamte. Abbaan ishees, Obbo Qajeelaan mana ollaatii fiigichaan dhufe. "Haadha Halkoo maaltu uummame laata?" Jechuun isaan gaafata. Isaanis Halkoo harree daakuu baatte bira akka isheen hin jirre itti himan. Tikseen isaanii tokko inni Tujjaa jedhanii waaman Halkoo reebamtee, butamte halaalaa ishee ilaalee arginaan qaamanis xiqqaadha waan ta'eef, battaluma loon nyaata funaannisaa jiru dhiisee ijoollee waliin loon tiksutti dhiifatee, maatitti himuuf gara manaa deeme. Akkuma mana gaheen dubbii isaanitti himuuf qopheeffate tana gurra isaan buusa.

Obbo Qajeelaanis tasgabbiidhaaf harka hin laanne aariin isaan koloneefateera. "Halkoon too bineensa kam harka buutetti laata?" Akkas jechuun gaafii of gaafachaa kasaaraa ykn (ulee) qabate sana lafaan rukutaa, hidhii ciniinnachaa, mataa raasaa qe'ee mooraa isaa keessa garmaama. "Nan bade" Ilmee too! Kan na jalaa si dhabamsiisan gatii isaanii argatu jechaa garmaama isaa itti fufe... Guyyaan Halkoof dukkanaa, maatii Halkoof guyyaa dhipinnaa kun ariifatuuf jedha. Biiftuun ganama baate tirataa ooltus dhiitteetti.

BOQONNAA LAMA

MIILA MAANGUDDOOTAA

Guyyichi sun tiratee dhiyus bari'eera. Barii barraaqa (subii) abbaan Wayyeessoo Obbo Birmajiin intala mucaan isaa butee ittiin gale tana qoratee gosa, balbala, kam akka taate erga bare booda naannawa isaaniitii maanguddoo baay'inaan sadii ta'an jaarsolii biyyaa obbo Muudee Seefaa, Obbo Abbaa Goshaa Boruu fi Obbo Qaallicha Haaji Tusee kan jedhaman gara warra Abbaa Halkootti jaarsolii biyyaa kana erge. Maanguddoonnis barima subii sana gara ergamanitti deeman. Akkuma balbala warraa bira gahaniin balbala harka isaaniitiin rukutan. Tikseen warraa Tujjaan ganamaan ka'ee looniif cidii ykn (galabaa) looniif laata. Tujjaanis otoo looniif cidii kennaa jiru sagalee nama balbala rukutuu dhagaha. Innis "Eenyu laata?" jechuun gara balbalaa deeme. Maanguddoota keessaa

Obbo Qaallichi : "Abboo! Warri manaa jiraa" jedhee Tujjaa gaafate.

Tujjaanis, "Eeyyen ni jiru isiniif waamuu" jedheen.

Maanguddoonni kunniinis, " Hayyee nuuf waami jedhaniin"

Tujjaan, " Tole jechuun gara manaa ol fiige…

Obbo Qajeelaan sababa intalli isaa Halkoon butamuu isiitiin

aariirraa kan ka'e hirribuma waan jedhamu ijasaatti fidu dide. Haala kanaan otoo itti fufee... Hirribnuu mufii irraa qabu sana irraa kan ka’e ol iyyannoo mana murtiitti galfata. Sababnis na keessummeessuu dide kaa kan jedhu. Haati Halkoo aadde Moominaan butamu intala ishee tanaan baay'ee naate. Maatiin Ijoollee qaban keessaa Halkoo akka addaatti laalu. Dhimmii Halkoo kun maatii keessa isaanii hubeera.

Tujjaanis, " Abbaa Halkoo namoonni wayii isin barbaadu ala balbala dura dhaabbattu jedhaan."

Obbo Qajeelaa: " Tujjaa eenyu isaan” jedhaan.

Tujjaanis "Abbaa Halkoo an isaan hin beeku” jedha deebisee obbo Qajeelaatiin.

Obbo Qajeelaan tole jechuun siree gubbaa jiru irraa wayaa uffatee, kophee miilaas kaawwatee, gaabii ykn bullukkoo gara alaa uffatee ba'uun tokko qaba ture. Isa sana uffatee, "Eenyu laata kan ana barbaadu?" jechaa gara alaa bahe. Ala bahee qe'ee balbalaatti gadi siqnaan. Maanguddoonni fuuldura balbalaa dhaabbatan keessaa Obbo Muudeen, “Nooraa abbaa Halkoo” jedhaa nageenyaan dubbii isaanii karaa saaqqatu. Obbo Qajeelaan aariis qabu waan ta'eef maanguddoota kanniin arginaan akka intala isaatiif dhufan tilmaameera.

Obbo Qajeelaa, “Loon kuma horaa, maal ture?” jedhaan. Maanguddoonnis, " Nooraa jechuun dhugaadha. Dhugaaf jiraadhaa qoreen isin hin waraanin, abjuuf milkii ilaallachuu dhufne” jedhanii dubbii isaanii itti fufuuf... jennaan. Obbo Qajeelaan intala kootiif natti hin dhufinaa jechuun dubbii isaanii afaanitti kutee gara manaa ol deebi'e. Maanguddoota keessaa Obbo Abbaa Goshaa Boruu naannawa sanaa aantee waan qabaniif gara mana fira isaanii, maanguddoota isaan waliin deeman faana deeman. Akkuma balbala warra fira isaa bira gahaniin durbii isaanii kan ta'an obbo Aliyyii Usuu ykn Abbaa Huseen kan jedhaman qe'ee keessatti ilaalanii argan. Obbo Abbaa Goshaa" Nooraa durboo akkam bultan?” jedhaniin. Obbo Aliyyii, " Durboo nagaan bulle akkam isin? maali nagaadha mii? maaltu uummame laata? seenaa” jechaa karra balbalaa jalaa bane. Obbo Abbaa Goshaa" Durboo nagaadha?" amma akka seennu hin jirru dhimmi keenyas dhimma mana nu seensisuu miti jechuun haala jiru hunda isaa jalqabaa hanga dhumaatti itti himu. Obbo Aliyyii, " Abshir rabbiin dandeettii qabuun nu haa gargaaru jedhee hamilee maanguddootaaf kenna." Maanguddoonnis Abbaa Goshaa dabalatee "Milkaa'i milkiin mana kee haa seentu” jecha maanguddoonni hamma Obbo Aliyyiin haajaa

ergameef dhimma bahee deebi'uutti mana obbo Aliyyiitti taa'aa eegan. Haala jirus mari'achaa, akkamitti dubbii tarkaanfachiisuu akka danda'an waliin haasaa wal jijjiiraa, hamma Obbo Aliyyiin dhufuutti eegan. Obbo Aliyyinis akkuma dubbiin tun gurra isaan buuteen faanti isaa gara mana ollaa isaa warra Qajeelaatti qajeelte. Balbala warra banee ol seene.

Aliyyii, " Yo'o warrana Akkam bultan?" jechaa gara manaa ol seene. Maatiinis, " Nagaadha" Abbaa Huseen taa'aa jedhanii teessoo kennaniif.

Aliyyii ykn Abbaan Huseen " kabajamaa jechaa wanti an jechuu barbaade, maali waansaa wanti an amma tana gurri koo dhagahu jedhee isaan gaafata. Maatiinis Waan jiru hunda isaa jalqabaa hanga dhumaatti itti himu.

Aliyyii "Ayii, ayii…" jechaa wanti raawwatamu hin jiru. Kun taatee ganamaati, wayyuudha, jechuun maatii tasgabbeessuuf yaala. Maatiinis tole jechuu dide.

Obbo Qajeelaa "Abbaa Huseen Gadheen tunniin eenyu ana seeti laata? Gatii ishee argatti tan ilmee too na jalaa dhabamsiifte" jedhee dhaadata.

Obbo Aliyyii ykn Abbaa Huseen " Obbo Qajeelaa isin nama dubbii araaraa iddoo gara garaatitti deemanii xumuuruu mii? Maali akkana ta'uun kun. Ilme tee turtus heerumuunshee hin oolu bar tasgabbaa'i" jedhee isas maatii hundas tasgabbeessuuf yaale. Dhumaratti hamma aariin haasa'an, haasa'anii tasgabbaa'an. Akkasumas maanguddoonni ergamanii dhufanis akka gara manaa ol seenan isaan mariisisa. Qajeelaan dallanus homaa gochuu hin dandeenye tasgabbaa'e fakkaata. Abbaan Huseen mana keessaa gara alaa bahee, gara mana isaa deemuun maanguddoota qabatanii dhufan. Maanguddoonnis dhufanii gara qe'ee warraa ol seenan. Obbo Qajeelaan tasgabbaa'eera. Hayyuudha, jaarsa biyyaa ti. Halkoo ijoollee qabu keessaa waan baay'ee jaallatuuf. Obbo Qajeelaan otoo nama tasgabbaa'aa ta'uu baatanii, waraanaan of irraa ari'a ture. Nama dubbii araaraa xumuraniidha, nama araarsuun beekkamu. Dhimma gara garaaf haasaa dubbii keessatti hirmaatu. Dubbannaan isaaniituu biyya raasa. Obbo Qajeelaan tasgabbiidhaaf of kennaniiru. Haadha Halkoo Moominaadhaan keessummaaf iddoo taa'umsaa mijeessi jechuun isaan ajaja Obbo Qajeelaan Haati Halkoo qe'ee isaanii keessa mukti Odaa gaaddisa guddaa qabu tokko waan jiruuf teessoo mana keessaa gara alaa baasuun Odaa sana jalatti tolchiteef. Maanguddoonnis ol seenanii muka Odaa sana jala tataa'an. Obbo Qajeelaanis isaan simatee isaanuma waliin taa'e. Maanguddoonnis dubbii isaanititti gadi taa'an.

" Ulfinni mana keessan haa seenu, gufuun isin hin dhahin, maarree!!! elaa oromtichis mammaaka lafa kaa'e '**Durba dargaggeessarraa dhoorku dargaggeesumaan eegu'** akka jedhan sanii maarree nu geettee gurbaanis gosaan Hanbeentuu dha. Intalli teessanis nagaadhumaan nu geette maarree ta teettu, ta deettu nuuf haa taatu" jechaa nu geettee gabbaraa warri mucaa fuudhuu maanguddootatti kenne. Maanguddoonnii warra intalaatiif laatu. Erga laataniif booda dubbii isaanii wal harkaa fuudhaa itti fufan... Dabareen dubbii Obbo Qajeelaa geesse. " Intalti kiyya isin geessuun dhugaadha. Isin geettes dhageenyeerra. Maarree oromtichis safuu beeka, duudhaas beeka, bulmaatas beeka, seeras beeka sirnas qaba, sirna kanneenirraan tarkaanfannee ilaaluun ykn aadaan ala hasa'uun safuudha! maarree Toltuu!" Maanguddoota, " Toltuu jechuun keessan dhugaa ayyaanni soddoomaa ykn dhaloomaa tokko nu taasifte. Maarree dhala keenya har'arraa intallis teenya gurbaanis keenya waliin haa horan, hamtuun isaan gidduu hin seenin, afaan wal haa beekan, wal haa utuban, **"Tutu, tutu tutu,** jedhanii harkatti walii biifan. Erga walii biifanii harka wal fuudhan, booda guyyaa qubeellaa ykn nikaa torbee sadiin har'aa jechuun walii beellaman. Maanguddoonni ergamanii dhufanis milkaa'anii deebi'an. Maatiin warra Wayyeessoo sila abbaan mucayyoo jaarsota nu ergine of irraa ari'an moo akkami waansaa? Jechuun hundi isaanii gaafii keessa galan.

Maanguddoonnis ni dhufan haala deemame hunda isaa jalqabaa hanga dhumaatti itti himu. Akkasumas guyyaa walii beellamanis itti himu. Halkoon ol ka'uu dadhabdee otoo ciiftu dubbii maanguddootaa kana gurra ishiitiin dhageessi. "Nan bade abbaa koo natti cal'iftee, garaa natti jabaattee kan nama ormaa jalaa nabaasuu diddeef. Dhuguma edaa mammaaksi oromtichi mammaake sun **"Abbaa gaarii qabaachuu mannaa hiree gaarii qabaachuu wayya"** inni jedhamu sun dhugaa dha. Edaa jechaa hidhii ciniinnachaa, ittanaa, aadaatiniin, of waliin haasa'aa dhaadatti." Reebinsi Wayyeessoof hiriyyoonni isaa dhaanan sun akka isheen siree gubbaa hin kaane ishee taasiseera. Halkoo reebinsa qofa osoo hin taane durbas waan taateef gudeeddii irra gaheen qaama ishee to'atuu dadhabdee jirti. Warri Wayyeessoo nyaata akkasumas ollaadhaa aannan qabetti fidaniif Halkoonis nyaatas, dhugaatiis afaanitti fiduu didde. Mucayyoo takka ollaa sanii Misraa tan jedhaniin Halkoon nyaatas, dhugaatiis akka isheen didde dhageessee, ishee bira gara manaa ol seente. Erga nagaa gaafatte booda akka isheen nyaata nyaattu itti warwaatti. Otoo abdii irraa hin murin kadhaa ishee itti hammeesitee nyaata akka isheen nyaattu taasifte. Halkoon intala akkanatti nyaataaf ishee kadhattu tana ilaalte nyaatas, dhugaatiis fayyadamte. Amma jajjabaatteetti, ol ka'uus dandeetteetti. Misraan nyaata ykn dhugaatii akka Halkoon nyaattuuf ykn dhugduuf erga kadhatte

booda umuriinis Halkoo baay'ee waan caaltuuf gorsa ishees achumaan itti fufte. Halkoo jetteen "Ilaa durbi carraan ishee hin beekamu kan ati yaaddee murteesitu osoo hin taane hiree rabbiin ganama siif lallabe dha. Akkuma jedhamu sana hireen dubartii isuma jalqabaati jedhama miire Halkoo too!! Jechaanii Halkoo gorsaan sammuu ishee qajeelchite. Gorsi Misraan Halkoon gorsitu Halkoo sammuu ishee keessa deemee boca sammuu ishee keessatti uuma. Isheenis tasgabbiif harka laatteetti. Jiini Amajjii dha. Guyyaan dilbata 18 ti. Guyyaan har'aa kun sirna nikaa ykn ayyaana qabii maanguddoonni walii beellaman san. Guyyaa beellamaa kana warrii Halkoo maanguddoota 12 qabatanii, farda isaanii faayanii, farda isaanii hurrisiisaa gara warra gurbaa butee imalu. Silaa warra gurbaatu warraa intalaa deema ture. Buttaadha waan ta'eef erga achi gahan booda warri Wayyeessoo aadaa oromtichi qabuun simatan. Warri Wayyeessoo gabbara dura waan kenneef har'a immoo wayaa haadha intalaa (adaba haadhaa) wayaa abbaa (ulfina abbaa) wayaa firaa isii fi kennaa mucayyoo laatuuf. Erga laataniif booda dhangaa gara garaa qopheessanii, kanneen akka marqaa, micciirraa, buddeena, daabboo, waddii, baaduu, ittoo, akaayyii, affeellii, aannan, takii, marmaree, damma, dhadhaa, fi kan kana fakkaatan qopheessanii warra intala nikaa hidhuufii dhufeef dhangaa kanneen laatuuf.

Warrii intalaas erga dhangaa kanneen fayyadame booda daadhiis wal tufsiisanii eebbatti gadi taa'an. "Maarree hamtuun isaan gidduu hin seenin, mi'a daamuu haa ta'an, irree leencaa haa ta'an, reebuu warseessaa haa ta'an, iddoo sonsaa haa ta'an, agaree yeeyyii haa ta'an, jiruuf haa mi'aawan, alagaaf haa hadhaawan, Jechaa eebbisanii, hanga dubbii haasa'an haasa'anii erga xumuuran booda warri Halkoo farda yaabbatanii fidan sana kooraa isaa tolfatanii gara qe'ee ofii deebi'an.

BOQONNAA SADII

Ya Hiree !!

Jarjarteetuma hireen maatiin gargar isaan baasuuf yaaltee, isaan mudditeetta abaaramuuf seenaa kan kee faaltee, jalala isaaniif maatii gidduu hamtuu isaan gidduu facaafte. Yoo gara tokkoon ilaalle hireenis dhugaa qabda. Hubatte xiinxaltee, oliif gadi ilaaltee, murtii murteefamuu qabu murteessuuf of dirqite. Isaan bultii godhatan maatii irraa dhalatan biratti bultii horachuun yeroodhaaf haa ta'u malee, yeroo dheeraadhaaf jiraachuun (It is shame) jette warrii adiinillee. Hireen mul'ii jabeefattee, murteeffattee kaate, Wayyeessoo fa'a daandii itti agarsiisaa jirti. Wayyeessoonis daandii itti akeekame kana irra deemuu eegale. Guyyaan kibtaxa dha. Kibxanni har'aa kun Wayyeessoo mana warraa irraa gargar isa baafte. Wayyeessoon hiriyyoota isaa waliin guddatan waliin qabo yaa'ii qabatee hiriyyoota kadhachuudhaan mana ijaarate. Halkoo qabatee mana haaraa ijaarate sanatti galateen. Halkoon amma haadha bultii taateetti. Wayyeessoof Halkoon jiruu isaanii hoo'ifachaa walitti hoo'aa jiruu isaanii itti fufan... Halkoon gaaf jalqaba dirqamaan gudeedamte san sanyiin garaa ishee keessatti hafe akka isheen ulfooftu ishee taasiseera. Guyyaan har'aa kun Jimaata. Wayyeessoon ganama ciree nyaatee, loon funaannisuuf gara hurufaa yaase.

Halkoon dadhabbii garaa qabdi akkasumatti nyaata Wayyeessoo dalaguuf jecha buddeena tolchuuf abidda qabsiiftee dalagde. Erga buddeena tolchitee xumuurte booda ittoos dalagde. Dadhabbiin isheen garaa qabdu kun itti cimaa dhufeeraam. Yeroonis otoo tarkaanfatu halkan keessaa sa'aatii 12:30 ta'eera. Yeroon kun dimimisa yeroo biiftuun ganama baate dacheef ifaa ooltee yeroo itti dhiittuu dha. Yeroon kun yeroo loon nyaata funaannachaa oolee mooraa ofiitti galuu dha. Jabbileenis mar’attee yeroo sagalee ofii dhageesistuu dha. Wayyeessoon loon funaannisaa oolee galaa jira. "Halkoo Halkoo " jechaa gara manaa mataa isaan gadi jedhee ol seene. Halkoon dadhabbii garaa qabdi ciniinsifatteetti mana keessa gola itti aanu keessatti ciniinsuudhaan baay'ee cinqamaa jirti. Hidhiin ishee lachan ilkaaniin wal rukutaa jira. Hafuurri ciccitaa keessa isheetii bahuuf tattaafataa jira. Sagaleen isheen dhageesistu Wayyeessoo gurrarra yaa'a. Wayyeessoon maaltu maal ta'e laata jechuun gara mana keessa gola itti aanu ol seene. Wayyeessoonis akkuma Halkoo argee dadhabbii ishee hubate fakkaata. Battaluma mana keessaa gara alaa bahuun ollaatti birmate. Ollaanis dhagahee wal dhageesisee battaluma dhaqqabaniif. Hatattamaan Halkoo qabatanii gara mana maanguddoo maqaan ishee Raadiyaa yookaan Arjittii jedhanii isaan waamu hawaasni naannawa san jiraatu.

Garas qabatanii deeman yeroo sana akka amma kana buufatni fayyaa baay'ee tatamsa'ee hin jiru. Babal'atee hin jiru jechuu kooti. Arjittiinis ogummaa rabbiin ganama laateef kana fayyadamtee Halkoo deeksisuu dandeettee jirti. Wayyeessoon ala dhaabbatee fuulli isaa gara samii ol ilaalaa, harka isaa lachan diriirsee rabbiin kadhachaa jira. " Yaa rabbi! nagaadhaan naaf hiiki, Yaa rabbi! naaf laaffisiif jechaa harka ofii diriirsee rabbitti ol iyyataa jira. Keessi isaa sagalee ciniinsuu Halkoo wayta dhagahu dhahannaan onnee isaa baay'ee dabale. Halkoo da'aa jirtu jala cinqamaa jira. Dhalateeraam daa'imnis Wayyeessoon gaafa sagalee daa'imichas dhagahu gammaduurra darbee waanuma ol utaalee samii dhungatu fakkaata. Halkoon gaafa sagalee daa'ima ishee kana dageettu hafuura guddaa tokko keessa isheetii ol baafatte **"uuuuuuuuffffffffff**" jette miila ishee lamaan diriirfachaa, ijaan gara daa'ima ishee mimildhatti. Ollaan Wayyeessoo waliin dhufe daa'imni dhalachuu dhageenyaan **"ilil" "ilil" "ilil**" jechuun gammachuu keessa isaanii jiru ibsatan. Daa'imnis addunyaan ilmi namaa irra jiraatu kunis daa'ima kanaa simateera. Maanguddoon haati ogeessa kan rabbiin ogummaa kanaan badhaase. Arjittiinis akkuma Halkoon deesseen booda battaluma ol ka'anii nyaata deettuun fayyadamtu dalagsiisaniifii laataniif. Halkoonis nyaata kennameef sana nyaattee, waan

dhugamus dhugdee dugdaan ol jechuudhaaf yaalaa jirti. Raadiyaan ykn Arjittiin Halkoo qofaaf osoo hin taane warreen Halkoo waliin dhufan hunda saanii nyaata dalagsiifteefii laatteef. Arjittiinis Halkoo akkas jechuun eebbas laatteef " sa'ii saaniil'adhu, horii hedduummaadhu, lafa qabadhu akka coqorsaa, daraari akka garbu oomishanii, toli akkasumas loon hori jechaa eebbas kenniteef. Wayyeessoon fa'as nyaata nyaatanii, waan dhugamus dhuganii, quufanii Maanguddoo Raadiyaa eebbisanii erga Halkoon jajjabaatte booda ollaa isaanii waliin ishees, daa'imas qabatanii gara manaa galan. Ollaan walii deemes Halkoo mana isheetti galchanii erga galchan booda gara mana ofii deebi'udhaan nyaata gara garaa dalaganii laatuuf. Keessummaa Halkoo gaafachuu dhufus irraa keessummeessu, ni kunuunsu. Warri ollaa Halkoo warra safuu, duudhaa, aadaa, bulmaata ofii beekuudha. Ollaan kunniinis Halkoof qanafaa diruuf. Qanafaan kan namaa diramu dubartii deessu qofaaf dirama. Qanafaan mallattoo ulfinaati, iddoon inni durba deesseef hidhamu kallacha mataa isaanii irratti haadaan ykn funyoodhaan kan hidhamuudha. Qanafaan kun agarsiiftuu durba deesseeti. Hawaasa oromoo biratti kabaja guddaa qaba. Warri ollaas Halkoof wayta qanafaa hidhan bifa faaruutiin yeedaleessanii wal jalaa qabanii weeddisu.

" Kan garadhaan si gahe baga ganaadhaan si gahe. Kan ganaa dhaan si gahe bakkaan si haa gahu jechuun weedduudhaan ibsatu. Halkoonis jajjabaachaa dhufteetti. Har'a guyyaan kan Halkoon nafa dhiqattuudha. Guyyaa kana dubartooleen, maanguddooleen, ollaan walitti qabamanii wantoota Halkoon nafaan dhiqattu fi ittiin faayattus karaa aadaatiin baala mukaa fa'arraa fidu. Achi booda qaama isii, xurii gaafa isiin deetterraa hanga guyyaa sanii jiru irraa ni qulqulleessuuf. Daa'imman naannawa san jiranis dhufanii garbuu dhadhaan tolfame nyaatu. Ni quufu daa'immanis dubartoonnis ni nyaatu. Halkoof immoo marqa addaa kan laafaa dhadhaa baysaa qabu ni laatuuf. Qaama Halkoos ni sukkuumu, qorichummaa waan qabuuf sardoo fi baala adda addaa mukarraa qopheessanii ittiin ishee dhiqu. daa'imnis jajjabaataa jiraam. Kessummaan isaanitti dhufus irra xinnaachaa jira. Amalli daa'ima kana akka daa'imman biraa boo'icha hin hammeessu. Halkoonis amala daa'ima kana bartee faaruu daa'immanii sanaan Ururuu yaa gurbaa

Gurbaa yaa xiqqaa hoo
Atis ni taata namaa
Sirraa haa qabu farraaf hamaa
Ururuu yaa gurbaa

Aannan feetu dhugi
Qoraasee sii naqeera
Hirriba feetu rafi

Haxayee sii afeera
Anis baay'ee gammade
Erga si argadhe
Rabbiin si haa guddisu
Inni hunda mul'isu

Inni xinnaa guddisu
Inni duudaa dubbisu
Inni qal'aa furdisu
Ururuu jennaan rafi
Ka'i jennaan dammaqi

Jettee erga ursite booda qophaatti isa dhiiftee nyaata Wayyeessoodhaaf dalagdi. Akkasumas dalagaa gara garaa qe'ee keessa jirus ni dalagdi. Gaafa hanga barbaadde dalagaa gara -garaa dalagdee itti deebitu "call" jedheetuma ija ishee keessa ilaalaam. Daa'ima kana dhiqxee, sukkuumtee, harma hoosiftee gara feete biraa deemte. Wayyeessoonis loon funaannisaa oolee galgala manasaa gala. Halkoonis akkuma Wayyeessoon galeen nyaata dalagde kenniteef. Innis nyaata laatameef nyaatee, Halkoodhaa saawwan elmaman qabeef Halkoonis saawwan elmitee jabbilee jalaa gara manaa ol seensifte. Wayyeessoonis Loon mooraatti ol galchee itti cufe. Isaan lamaanuu gara manaa ol seenan.

OROMTICHI MAQAA MOGGAASA

Daa'imni kun akka daa'imman biroo ji'a sagalitti hin dhalanne. Daa'imni kun addunyaa ilmi namaa irra jiraatu kanatti makamuuf hin jarjarre. Addunyaan inni keessa jiru gadi dhiisuudhaaf hin eeyyamne. Daa'imni kun turus ji'a kudha tokko (11) lakkoofsisee dhalateem. Maatiin isaas baay'ee turee waan dhalateef, maqaa isaa **"Turee" jedhanii** moggaasaniif. Tureenis guddachaa dhufeera. Maatiisaas baay'ee tajaajila. Loon tiksaa oolee galgala gara manaa gala. Tureenis iddoo loon tiksutti ijoollee naannawa isaanii waliin yammuu tiksu ijoollee waliin haa taphatu malee, tapha hin guddisu kophaa taa'uu baay'isa. Tureen amalli isaa baay'ee cal'isaadha. Haasa'uurraa cal'isuu filata, dhageeffatuu hammeessa, obsaa dha, aariis gaafa qabaate of keessatti aara malee hin baafatu. Nama daangaa isaa darbe hin dhiisu. Bifti isaa magaala, fuulli isaa bareeda gadi qajeelaadhaam. ilkaan isaa jirbii qabaan isaa tole fakkaata. Ijji isaa akka bakkalcha barii ifa. Shurrubbaan isaa luuccaa baay'ee nama hawwata. Bocni qaama isaa marti lammii biyyaa hindii fakkaata. Durbi baay'een shurrubba isaa kanatti hawwiti. Hojjaan isaa dheeraadhaam. Furdaas qal'aas hin jedhamu giddu galeessa. Gaafa haasa'u dubbiinsaa akka dammaa mi'aawa. Tureen loon isaa haala gaariin tiksaa oolee galgala galcha.

BOQONNAA AFUR

UUMAMTEE

Guyyaan sanbata xiqqaadha. Barii guyyaa kanaa Tureen ganamaan ka'ee looniif cidii ykn galabaa kenneefii, ciree ofiis haala gaariin nyaatee, loon tiksuudhaaf ijoollee ollaa loon tiksitu waliin loon isaanii yaase. Tureen ijoollees ta'ee, nama guddaas waliin taphas, qoosaas hin guddisu. Guyyaa har'aa kanaa otoo loon tiksaa jiru ijoolleen inni waliin loon tiksu akka malee, machooftee tapha waliin taphachaa jirti. Tureenis tapha isaanii kana ilaalaa, isaan waliin taphachuuf kaka'uumsaaf harka kenne. Keessi isaas taphaaf ajajame. Ijoollee waliin loon tiksan wajjiin tapha taphachuu eegale. Ijoolleen inni waliin taphatuuf isaanitti makame kunniin baay'ee ajaa'ibsiifatan. "Kanaan dura Tureen nu wajjiin taphachuu mitii, yerooma nuti taphannuu hin jaallatu. Akkami waansaa har'a maal argate laata jechaa ijoolleenis wal gaafachaa Turee taphaaf of kakaase kana ilaalaa dinqisiifatan. " Ijoolleenis Tureen isaanitti makamnaan tapha taphachaa turan sana Turee waliin tapha isaanii itti fufan... Tureenis erga taphatti seene miirawaa of taasisee tapha taphachaa jiru ijoollee waliin ho'ifachaa itti nam'e... Otoo tapha isaanii taphaachaa jiran Tureen gufatee tapha keessaa lafa dhahe. Tureen yeroo kufu kana dhagaan xiqqoo tokko bakka inni kufetti utaaltee ija isaa keessa rukutte. Tureenis qaama isaarraa biyyee ykn daaraa of irraa haxaawaa ol ka'ee ija isaa gaaf qabatu ijji isaa imimmaaniin dhuunfatamte jirti.

Imimmaan ija isaatii dhangala'u lola'ee, qaama isaa dhiqeera. Ijji isaa bitaa tan miidhamte sun ifaan gargar baatee, dukkanaaf saaxilamtee jirti. Ijoolleen waliin tapha taphachaa turtes Turee ijaan miidhamuu isaa kanaan baay'ee rifataniiru. Ijoolleenis ijaan miidhamu isaa kana hubatanii, wal qoodanii, ijoollee keessaa isaan muraasni Turee qabanii gara manaa galchan. Isaan hafan immoo loon tiksutti fufan... Ijoolleen Turee qabanii gara manaa galchinaan battaluma of irra deebi'anii, loon tiksuu isaanitti deebi'an. Halkoon miidhamuu ilma isii kanaan baay'ee rifattee Wayyeessoo bakka inni jiru barbaaddee waamte. Erga waamte booda Wayyeessoo waliin ilma isaanii Turee qabatanii maanguddoo ija waldhaantu takka bira qabatanii deeman. Maanguddoon ija waldhaantu haadha Kamaal ykn Soorettii jedhanii isaan waamu hawaasni naannawaas. Aadde Soorettiin huura ija namaatti nam'u ykn badu qulqulleesitee haxooftee baafti. Aadde Soorettii guyyaan kun isaaniif qormaata. Namni isheetti dhufu hundi isaa fayyee gala. Kan guyyaa har'aa garuu isaaniif qormaata guddaadha. Halkoof Wayyeessoon Turee qabatanii gara mana maanguddoo ogeettii rabbiin ganama ogummaa kanaan isaan badhaase bira qabatanii qajeelan. Achi gahan Aadde Soorettiin ija mucaa kanaa gaafa nan qulqulleessa jedhan ijji Turee inni bitaa miidhama guddaa irraa gaheen ijji isaa ilaaltuun leensii keessaa, faallaa garagaltee jirti.

Maanguddoon haati ogeessi ijaa aadde Soorettiin ija mucaa kanaa waldhaanuun isaan dhibeera. Ija mucaa bareeda ijji isa ilaalte kan lafa hin ilaalle, bareeda qaama hundaan faayame kana rabbiin dandeettii ofiin qabuun guyyaa keessa ija mucaa kanatti dukkana ajaje. Dalagaa rabbiiti, rabbiitu ganama isaaf katabe, homaa gochuun hin danda'amu. Halkoon fa'as ilma isaa Turee qabatanii gara manaa galan. Tureenis ija miidhamte saniin akkasummatti hafe. Qaroo tokko dhabus, Tureen ammas loon tiksu hin dhiifne. Ijoollee naannawa isa jiraatan waliin loon tiksee funaannisaa oolee galgala galcha. Guyyaa gaaf tokkoo ganamaan ijoolleen Turee waliin loon eegdu, Turee manumarri dhiiftee, otoo inni hin argin ijoolleen loon ofii eeguudhaaf ganamaan yaafte. Tureen erga ciree ganama nyaate booda ijoollee waliin loon tiksu waama jedhee gara manaa isaanii deeme. Yeroo achi gahee maatii ijoollee gaafatu, maatiin ijoollee "Har'a ganamaan loon yaasan ijoolleen" jechuun Tureef himu. Tureenis akkamitti otoo ana hin waamin na gatanii na biraa sokkan jedhee baay'ee aare. Akkuma gara manaa deebi'een Tureenis murtii ofii murteeffate. Guyyaa har'aa kana bakka isaan jiranittuu hin kaleessu jechaa loon ofii tiksuuf yaase. Tureen guyyaa har'aa kana qophaa isaa loon tiksaa jira. Guyyaa keessaa sa'aatii 7:38 ta'eera. Tureen otoo loon tiksaa jiruu, muka gaaddisa qabu tokko jala gadi taa'e.

Loon inni tiksaa jirus aduu jalaa bakka tokkotti sassaabamanii dhaabbatan. Tureenis muka gaaddisa qabu sana jala taa'ee mukaa'uu jalqabe. Otoo mukaa'uu giddumaan loon ilaala. Yeroo inni loon isaa ilaalu loonis ni dhaabbatu. Muka gaaddisa qabu sana jala dhagaan tokko jira ture. Luka isaa diriirfatee, mataa isaatiin dhagaa muka gaaddisa qabu sana jala jiru sana boraafatee, shirrixii ykn marxoo qaba ture isa sana mataarra of buuse. Ciisichaaf harka kennee, ciisicha isaa itti nam'e... Abjuun hirriba keessaa isa koloneeffachuu danda'eera. Gaaddisni mukaa kun aduu irraa dhoowwaa, abjuu itti hammeesse. Tureenis abju argu sana keessa garmaana ofii qajeelchaa, lugaama isaa jabeeffatee, farda gulufsiisa jira. Fardi inni gulufsiisu qaama isaa, hurgufee, lubbuu isaa fuudhee dafqa irraan dhangalaase. Otoo inni farda gulufsiisuu nan danda'a, ofitti amanamummaa qaba, jedhee isaa of jajjabeessuu qaroo isaa irraan imimmaan itti roobsaa, otoo inni jira jedhee itti rarra'u, fardichi biyyootti isa maka. Maatiin isaa qaaman du'aa hurufarraa arganii dhagahanii, wal dhageesisaa boo'icha wal harka fuudhaa, hamma malee bo'icha itti hammeessan. Tureenis rifatee **"Ani hin duune na hin awwaalinaa"** jechaa hirriba oo'ifate rafaa jiru san keessaa dammaqee ol ka'e. Ija qaqqabataa bitaaf mirga laale. Abjuudha! Yeroo loon isaa ilaalu wantummaan loon jedhamus naannawa san hin jiru. As fiige achi fiige eessaa argu re.

Loon inni biraa rafe sun wal qabatanii, laga bishaan dhuguuf deemsa isaanii itti fufan. Akkuma lagaa bishaan dhuganiin laga sana cinaa Dinnichaan jallisiin dhaabamee, gahe tokko laga sana maddii jira ture. Dinnichaa jallisiin dhaabamee gahe sana bira namni tokkos hin jiru. Namoonni jallisii dinnichaa sana eegan yeroon itti geenyaan guyyaa nyaata nyaatuudhaaf biraa deeman. Loonis akkuma bishaan dhugeen wal guuratee, lafa jallisii dinnichaan irraa gahaa jiru sanitti nam'e... Loonis hamma nyaatan nyaatanii, quufaniitumaan keessaa bahanii gara manaa deemsa isaanii itti kutan... Namoonni dura dinnichaa sana eegaa turan nyaata nyaatanii wayta deebi'an, dinnichi dura lafa magariisaan dhuunfatamee jiru sun dhabama ta'ee isaan eege. Namoonni dinnichaa sana dura eegaa turanis dinnichaan nyaatamuu isaa akkuma ilaalaniin baay'ee rifataniim. Isaanis loon dinnichaa nyaate sana barbaaduu asiif achi kaatu barbaadanis arguu hin dandeenye. Tureen loon barbaacha gara lagaa imala isaa itti kute.

Otoo gara lagaa loon barbaacha deemaa jiru mucaa naannawa isaa maqaan isaa Wayyamaa jedhamu arge.

Turee, “Akkam oolte Wayyamaa?” jedhee nageenya isa gaafata.

Wayyamaa: Nagaadha galata rabbii akkam ati Turee?

Turee: Jirra Wayyamaa waan si gaafadhu tokko loon keenya guyyaa har'aa kana argitee jirtaa?

Wayyamaa: Loon keessan har'a jallisii namaa keessa lafa maraa oolan bar ati eessa biraa dhaqxeem?

Turee: Dhiisi mee wanti an har'a ta'e raajiiraam garuu bakka isaan jiran ni beektaa?

Wayyamaa: Maal taate waansaa loon keessan bar ol qajeelanii gara manaa galan.

Turee: Dhugaa jedhi mee?

Wayyamaa: Dhugaa siin jedha.

Tureenis dubbiin tun gurra buunaan fiigichaan gara manaa deeme. Loonis dinnichaa jallisiin gahaa jiru sana itti nam'ee, hamma nyaate nyaatee, gara qe'ee mooraa isaanii galan. Haati Turee Halkoon akka carraa mana keessaa gara alaa baate. Yeroo gara alaa baatu, loon mooraa keessa ciciisu argiti. Yeroon kun sa'aatii 10:38 ta'eera. Halkoon loon biraa Turee barbaaddee dhabnaan gara manaa ol deebite. Abbaan Turee Wayyeessoon mana keessa taa'a ture. Loon guyyaan gale kana akkasumas Turee barbaaddee loon bira isa dhabde kana Wayyeessoo gurra buusuuf gara manaa ol deebite.

Halkoo: Abbaa ilmaa loon mooraa keessa ciciisa bar.

Wayyeessoo: Sila dubbiin ta akkamiiti laata maal jechuudha loon guyyaadhaan galuun?

Halkoo: Hin barre anumti abbaa ilmaa.

Wayyeessoo: Tureen eessa biraa deeme maal ta'e laata?

Halkoo: Hin beeku wayta gadi bahu loon moora ofii keessa ciciisa gara alaas bahee ilaallaan Turee arguu hin dandeenye. Wayyeessoon kophee miilaa kaawwatee, mana keessaa gara alaa bahuuf taanaan Turee manumatti itti ol seene.

Wayyeessoo: Maaltu si muudate laata kan loon guyyaadhaan ariitee galchitu?

Turee: Aabbaa otoo hin argin bakka loon eegutti biraa hafe bar.

Wayyeessoo: Kan kee kanuma dalagaan anummaan maal ta'u laata yeroo darbe ijoollee waliin lafa dhiittee kan ijji kee as ta'e. Har'as immoo, tapha sanatti deebiteeti kan loon biraa hafte?

Turee: Miti aabbaa tapha hin taphannee bar.

Wayyeessoo: Maal taate re dubbadhu kaa?

Halkoo: Dhiisi abbaa ilmaa hin loliniinii mucaa.

Wayyeessoo : Cal jedhii si immoo maaltu si dhibe.

Halkoo, “Ilma kooti bar maal jechuu keeti? jettee ilma isheerra lolte." Wayyeessoonis irra darbee, tasgabbaa'eetuma dhiise. Turee manumatti dhiisanii, Halkoofi Wayyeessoon mana keessaa gara alaa bahan. Gara alaa bahanii, mooraa loonii fuuldura yemmuu gahan, loon dinnichaa nyaate sanirraa kan ka'e miidhamni cimaan isaaniirra gaheera. Miidhamni cimaan isaanirra gahe lubbuu isaanii galaafateera. Loon hundi bakkuma ciciisanitti dhuman. Loon maatiidhaaf hafe yoo jiraate harree tokkoof re'iin lama qofa dha. Wayyeessoof Halkoon akkuma arganiin baay'ee nahan. Rifannoota isaan qunnamerra kan kaate Halkoon gaggabdee jirti. Wayyeessoon akkuma Halkoon gaggabuu ishee argeen **"Uuuuuuuuuuuuu"** na dhaqabaa, na dhaqabaa jedhee iyya lallabaa ollaa bitaa mirgaa walitti yaase. Tureenis nyaata nyaataa jirurraa iyya abbaan lallabu kana dhageenyaan utaalee gara alaa bahe. Yeroo battaluma gara alaa utaalee bahu gaggabu haadha ishee sana ilaalee innis nahe lafa dhahe. Ollaanis iyya dhagahee wal dhageesisee, bitaa mirgaas walitti yaa'e. Mana warra Wayyeessoo yammuu gahan loon bakka ciciisetti hafeefii, Tureef haadha Turee gaggaban bira gahan. Namoonni walitti yaa'anis Halkoof Turee qabanii, alaa gara manaa ol seensisan. Yeroo yartuu booda isaan gaggabanis hafuurri itti deebi'e fakkaata.

Haadhaf ilmas hafuurri darbee, darbee ciccitaa keessa isaaniitii baha "uufff" "uufff" "uufff" "uufff" ijji isaanii bitaa mirga ilaala. Namoonni baay'een isaan marsanii taa'u. Namoota isaan marsanii taa'an kana ilaalaa maal maal taane kan nurra dhaabbataniif maaltu uummame waansaa? jedhanii ol ka'an. Homaa hin taane xinnoo ishee rifannootaaf harka laattan oltaniittu jajjabaadha. Gochi rabbii ganamaa galgala guyyaa keessatti wanti uumamu hin beekamu. Rabbbiin wanta barbaade gochuu danda'a. Kun dalagaa rabbiiti homaa gochuun hin danda'amu. Obsaa horachuu qabdu, kun qormaata isiniif laatame, kun ergaa gubbaa lallabame. Ollaan walitti yaa'es wal gahee maatii kana eebbisaa, hamilee maatii kanatiif jecha waan qaban irraa walitti sassaabanii, maatii loon irraa dhume sana gargaaran. Loon uummata Oromoo biratti kabaja guddaa qaba. Gaafa lubbuun jiru, gabaa baasuun gurguranii dhimma itti bahu. Gaafa sirna gara garaa qabanis qalanii itti fayyadamu. Otoo lubbuun jiruu mitii, du'eetuu kabaja qaba. Fkn loon du'eera jedhanii gogaa isaa hin gatan. Gogaan isaa kun kanneen akka okkolee, teepha, gaadii, kal'oo, xuruurraa, siree teephaa, qilillaa, fa'atu irraa dalagama. Gogaa isaa qofaa mitii, faltiin isaatuu faayidaa hedduu qaba. Uummata Oromoo biratti ni jabeeffama. Akkuma Oromtichi mammaakame lafa kaa'e **"Abbaan loonii dhoqqee hin xireeffatu"** akkuma jedhamu san faltiin loonii akka boba'aa qoraaniitti ni tajaajila. Akka xa'ootti dikeef ni tajaajila.

Ooydaa ittiin laqaallaquuf, mana citaa ittiin laambobuuf, togoogoo gara garaa irraa dalaguuf barbaachisa. Walumaagalatti loon ummata Oromoo biratti kabaja guddaa qaba. Oromtichis looniif faaruu baase.

Ishoo!.....
Loon wayya

Loon wayya

Dibatan miidhagsoos

Dhugaan qabbaneessoo

Yoo jiranis loonii

Yoo du'anis loonii

Dhuguma loon wayya (2×)

Ishoo!.....

Eessa kee gaturee

Yaa loonii

Ittiin sii kooru malee

Faayidaarra si oolchu malee

Loon wayya (2×)

Dhuguma loon wayya

Foon irbataa ta'aa

Kan ittiin bulanii

Gaafti waancaa ta'aa

Kan bunaan dhuganii

Gogaan itillee dhaa

Kan irra rafanii

Dhuguma loon wayya
Ishoo!.....

Loonis kabaja uummata Oromoo biratti qabu irraa kan ka'e haala kanaan faarfamee weeddifamaaf. Gochi uummames fedha rabbiitiin. Maatiinis wanti uumame kun gocha rabbirraa dhufe waan ta'eef keessa isaanii obsaaf banan. Obsaaf of kennan maatiin kunis yeroo irraa gara yerootti hiyyummaaf harka laataa, hiyyummaa injifachuuf waliif gadi dhama'aa, hiyyummaatti nam'an... Lafa qabanis namaan gargaarsifataa, lafa ofii qochisifataa, jiruu isaanii haala kanaan itti fufan.... Hiyyumaanis isaan simatte. Halkoo namni kanaan dura ishii beeku amanuu dhiisuurra darbee hedduu dinqisiifama. Rifeensi mataa ishii inni dur akka bishii garbuu walirraa baqameeru fakkaatu,

amma immoo akka maasii xaafii lolaan irraa hareeruu fakkaata. Ijawwan ishii dura akka bakkalcha barii ifu ture, amma immoo boolla roobni qote fakkaata. Kana qofaa miti gaduma buunaanis hidhiiwwan ishii dur goraa diimate fakkaatu, amma immoo luluqa'aniiru. Muldhiin ishee dur harka lamaan hammatamee hin dhaqqabamne sun, amma maal akka fakkaatu akka lilmoo qal'atee citu citu jedhu fakkaata. Ajaa'ibuma hiyyummaa wanti inni nama hin taasifne hin jiru. Isaan qofa seetuu sarbaan ishee duraan gudeelcha fakkaatu sun, amma wayta ishee ilaalan sarbaan ishee carii fakkaata. Gaduma yoo siqnee ilaalle koomeen ishee duraan bilillee fakkaatu sun ijji amma ilaalte ilaaluu saalfatti, akka lafa bokkaa dheeboteeruu babbaqaqeera. Namni duraan Halkoo beeku amma yoo ishee argu, amanuun isaan dhiba. Halkoo qofaa mitii maatiin isaanii hundi akkas fakkaatu.

" Surree jilbarraan citte.
Abbaatu waraannata.
Deega qe'ee ofitti dhufte.
Abbaatu tattaafata"

Akkuma jedhame san surree jilbarraan citte lilmoodhaan waraannataa, hiyyummaa qe'ee isaaniitti dhufte hamma humna isaanii tattaafataa jiru. Deegni mucaa kana baay'ee jijjiireeraam. Turee dur dhaabbannaan miidhagina isaa jaalalaan dubartoota booji'e sun, fullii isaa amma baay'ee jijjiirameeraam.

Walitti caccabee, haaylaandii abiddarra qaban fakkaata. Mucaan dur bareedaa dhalataa biyya Hindii fakkaatu sun amma ijji nama hin laaltu. Qaamni isaa dur akka malee calaqisu amma otoo dibatuma gara garaatuu fayyadamee qaamni isaa baay'ee gogee dibatumaa hin quufu fakkaata. Wayyeessoonis akkasuma qaamaan baay'ee hir'atee fuulli isaa jijiirameera. Jiruu isaanii dur qananii san irraanfatanii, buddeena furdaa dur kutatan san, aannan gaarii dur unatan san yaadataa imimmaan isaanirraan dhangala'u qusachuu dadhaban.

Hiyyummaatti seenan imimmaan haxaawataa
Gadadoof saaxilaman harqoota hiyyummaa baataa
Jireenya fokkisaa dabarsaa, wal faana jiraataa!

Yoo ollaan foon qalee sooratu akaayii akaayataa
Beela garaa isaanii, imimmaaniin baafataa
Rakkoo keessa darban qabaataa, fakkaataa…

Hiyyummaa dhandhamaa, mudhii isaanii jabeeffataa
Yoo jalaa dhumee, dhabanis ollarraa ergifataa
Rabbii isaan uume kadhatu harka ofii ol qabataa.

BOQONNAA SHAN

YAALII MILKAA'INAA

Hiyyummaan ciniintee isaan qabdeetti. Halkoof Wayyeessoon amma maatiis horaa jiru. Turee dabalatee, ijoollee dhiiraa lamaaf durba tokko horaniiru. Tureen hangafa yammuu ta'u Abdurrazaaq isa lammaffaadha. Rahiimaan ishee dhumaati. Murtiin maatiin walii galee murteeffates jibbansaaf osoo hin taane, rakkoo isaaniitiif jecha Turee of irraa baasanii loon namaa qarshiidhaan akka eegu taasisu dha. Barsiisaa Toleeraa Hirphoo jedhama. Ogummaa barsiisummaan muuxannoo waggaa kudha saddeetii qaba. Kanaan dura Godina Arsii Aanaa Muunessaa Ganda Damuu Mi'eessaatti ogummaa barsiisummaan naannawa kanatti waggaa shan tajaajileera. Jijjiirraa argatee gara Godina Arsii Aanaa Heexosaa magaalaa Itayyaatti jijjiirate. Barsiisaan kun erga magaalaa Itayyaa galee waggaa kudha sadi lakkoofsisee jira. Barsiisaan kun abbaa ijoollee lamaati. Ijoolleen isaa lachan durba dha. Mucayyoon hangafaa Jiituu Toleeraa, isheen quxusuu Alfiyaa Toleeraa jedhamti. Barsiisaan Toleeraan nama hojjaan isaa dheeraa, qaamni isaa qal'aa, bifti isaa gurraacha, amalli isaa fokkisaati. Barsiisaa Toleeraan haadha warraa isaa tanatti baay'ee hinaafa. Waanuma hin jirre sammuu isaa keessatti uumee **"Har'a eessa oolte?", "Ebalu maaf si dubbise?", "Ebalu maaf si ilaale**?" Jechaa ishee mankaraarsa. Gaafa mana barumsaa deemee, barattootatti aaru, aarii san galee haadha warraa

isaatti baafata. Uleedhaan rukuta. Haati warraa isaa Aadde Hawwaan garuu amanamtuu akka taate ni beekti. Aadde Hawwaan haati warraa barsiisaa Toleeraa erga Toleeraatti heerumtee jalqabdee hinaaffaaf lola isaa dandamattee, obsaa otoo ijoollee guddistu hiree ijoollee isheetiif jecha, dirqamaan isa wajjiin jiraachuu dirqamte. Maatiin aadde Hawwaa otoo isheen hin fedhin dirqamaan barsiisaa Toleeraatti heerumsiisan. Amala isaa otoo hin qoranne, hojii qaba barsiisaadha jedhanii intala isaanii itti heerumsiisan. Barsiisaan Toleeraan nama walitti dhufeenya akkasumas nama hawaasa naannawa isaa jiraatan waliin hariiroo cimaa nama hin qabneedha. Nama obsa hin qabne, nama aarii hammeessu dha. Barsiisaan Toleeraan otoo bultii hin raawwatin dura akkuma qacarameen naannawa itti barsiisaa jiru sanatti namaan wal dhabe otoo itti hin yaadin lubbuu namaa galaafateera. Namni inni otoo itti hin yaadin ajjeese kun maqaan isaa Aabbuu Umar jedhama. Aabbuun abbaa mucaa dhiiraa tokkooti Aabbuun jireenyaaf jecha akkasumas maatii isaa horachuuf ganama bahee dalagaa dalagaa oolee galgala gala. Guyyaan lubbuun nama kanaa addunyaa kana irraa boqatte kun roobiidha. Halkan keessaa sa'aatiin 2:13 ta'eera. Aabbuun dalagaadhaaf ganama bahee dalagaa oolee otoo halkan daaheefatee isaa gara manaa galaa jiru, barsiisaa Toleeraan meeshaa waraanaa dhoksaadhaan qabatee deema.

Sababnis barsiisaan Toleeraan barsiisaa isa waliin barsiisuun walitti bu'iinsa cimaa qabu. Halkan daheefatanii lubbuu walii baasuuf wal eeggatu. Guyyaa kana Toleeraanis laaqana alaa nyaatee otoo galaa jiru. Nama tokko of duuba gara galee arga. Inni kun Aabbuu dha malee diinota isa eeggatan miti. Akka carraa uffatni Aabbuun uffateef, uffanni namoonni Toleeraa ajjeesuuf eeggatanii wal fakkaata ture. Toleeraan gaafa Aabbuu fageenyaa ilaalee argu namoota isa barbaadan se'a. Aabbuun otoo deemu bilbilli manaa itti bilbilama. Haati warraa isaa daa'imni isaanii akka dhukkubsateef inni dafee akka dhufu isaaf bilbilti. Aabbuun dubbiin tun haadha warraa irraa gurra isa buunaan fiiguuf dirqame. Toleeraan isa fuuldura deema. Aabbuun fiiguu eegallaan Toleeraan namoota isa ajjeesuuf fiigan se'ee jalaa fiige. Aabbuun eenyudha kan na jalaa fiigu maaf na jalaa fiiga laata? jedhaa of gaafachaa kaayyoo fiigeef sana otoo hin irraanfatin fiigicha isaa itti fufe... Toleeraan otoo fiiguu, otoo hin mul’atin gara cinaa gore. Aabbuun fiigichaan bira darbinaan Toleeraan diinota isa barbaadan, diinota isa ari’an se’ee gara duubaa as goree meeshaa waraanaa qabatee deemuun sanaan dhukaasa itti banee lubbuu isaa galaafate. Dhiigni nama lubbuun dabartee kanaa daandii gubbaa lafa yaa'aa, wayaan inni uffate dhiigaan dhiqameera. Dhukaasni xiyyiitiin fageenyarraa sammuu isaa dhoofte akka goommaa konkolaataa dhuka'utti dhoka'e.

Dhuka'uun buqqee sammuu isaa sagalee jabaa dhageesisuu irraa kan ka'e namoota naannawa san jiraatan hunda isaa walitti yaasuu danda'eera. Namoonni naannawa san jiratanis iyya hammeessaa, iyya wal harka fuudhaa dhagahanii wal dhageesisanii, reeffa fuudhanii gara manaa galchan. Namoota naannawa sanii keessaa muraasni nama Aabbuu ajjeese galgaluma sanaan barbaadaa jiru. Daa'imni xiqqaan tokko inni Muktaar jedhamu ergaaf gara warra ollaa isaanii ergamee yeroo deebi'u, Toleeraan yeroo meeshaa waraanaa dhukaasu ni arga ture. Erga dhukaasee fiigee booda mana inni seenes daa'imni kun ni arga. Daa'imni kun isaan Toleeraa barbaadaniif kallattii itti akeeka. Namoonni Toleeraa barbaadanis kallattii itti akeekame faana dhahuun sagalee tokkos otoo hin dhageesisin of eeggannoo taasisaa yeroo mana inni seene faana dhahanii seenan. Barsiisaa Toleeraan dogongoree mana poolisichi tokko kireeffatee jiraatutti ol seene. Poolisichi fincaan fincaa'uuf gara alaa yammuu bahu Toleeraa meeshaa waraanaa qabatee seenu ni arga. Toleeraan garuu rifannootarraa kan ka'e mana nama eenyuu akka seeneeyyu hin beeku. Poolisicha dhokatee isa argu kanaayyuu hin argu ture. Poolisichi of eeggannoo taasisaa suuta eeggatee Toleeraa to'annoo jala oolchuu danda'eera. Namoonni Toleeraa faana dhahanis yeroo gara balbala inni seenetti seenuuf yaalan.

Poolisichi Toleeraa to'atee kun eenyudha? kan balbala koo rukutu kun amma immoo sila hatticha meeshaa waraanaa qabatee seene kana wajjiin deemuu laata? jedhee erga Toleeraa to'annoo jala oolchate booda meeshaa waraanaa qabus tottolfatee of eeggannoo taasisaa suuta gara balbalaa deeme. Meeshaa waraanaa qabate sana afaanirratti deebifatee, yoo balbala banu, namoonni baay'een muka dullaa gurguddaa qabatanii poolisichaan akkas jedhu. Hin banta moo hin bantu? Shiftaa nama ajjeesee kaatu dhoksuuf deemtaa? Baasi gadi mana keessaa? Jedhanii Poolisicha dhaanuuf itti deemnaan Poolisichi muuxannoo qaama seeraa kana irratti waggaa baay'ee tajaajileera. Akkasumas hojii kana irratti waggaa baay'ee lakkoofsiseera. Waggaa tajaajile kana keessatti namoomaaf qofa dhaabbatee haqaa tajaajiluu isaatiif maaraga Inispeektarummaas goonfanneera. Inispeektar Alamu Girmaa jedhama. Inispeektar Alamuun dhalataa naannawa Oromiyaan alaati. Waajjira Poolisii Gandaa sana keessa dalaga. Naannawa Ganda Daamuu Mi'eessaa keessa yeroo muraasaaf dalage. Akkuma kabaja inispeektarummaa argateen guddina argate. Gara Godina Arsii magaalaa Asallaatti hojii isaa itti fufe. Yeroo naannawa dura dalagu sanitti, gochi ajjeechaa kun kan rawwaate. Inispeektar poolisoota jiran keessaa adda dha. nama sammuun bilchaatan waan ta'aniif namoota kanaan akkas jedhu. "Dhagahaa uummata. Anis qaama seeraati.

Kashalabbichi mooraa koo keessa seene to'atameera. Anas saamuuf seene. Otoo inni ana hin argin an isa argee to'achuuf danda'eera. Tasgabbaa'aa jarana kashalabbichi kun lubbuun nama eenyuu baase laata? Inni isin ariitan kun jedhee namoota kanniin gaafata. Namoonnis “Nama Aabbuu jedhamu lubbuu akka baase” itti himu. Poolisichis "Rakkoo hin qabu shiftichi lubbuu namaa galaafate kun seera jala oola. Deemaa amma ganama koottaa” jedhee namoota kanniin achii oofa. Haati warraa Aabbuu isheen maqaan ishii Leeylaa jedhamtu “Hin gala abbaa warraa koo" otoo jettee eegdu daa'ima ishee Gishee waliin otoo ofirratti eegdu, Abbaan maatii Aabbuu Umar mana isaatti otoo hin galin hireen maatii isaarraa gargar isa baafte. Lubbuun isaa otoo gaabbiif harka laatin waan murteesitu murteesiteetti. Addunyaa ilmi namaa irra jiraatu kanaan nagaa dhaammatte. Guyyaan kibxata har'a guyyaan guyyaa awwaalaati. Warri fira namicha du'ee baay'ee gaddan. Dargaggeeyyiin naannawa sana gumaa Aabbuu keenya baafachuu qabna, jechaa gaddis isaan xiiqesseera. Dubbiin baay'ee hammaatte. Jaarsi biyyaa tokko inni Huseen Suufoo jedhaniin dubbii hammaatte tana tasgabbeessuuf yaalaa jira. Oromtichis qoratee qorachiisuu beeka. Jaarsi kunis barsiisaa Toleeraa kana qoratuu jalqabe akkamitti akka lubbuu baase, maaliif akka lubbuu baase, sila eenyummaansaatuu eenyu laata?

Kan jedhu jarsolii biyyaas wal ta'anii qaama seeraa waliin qoratuu eegalan. Guyyaan kun otoo reeffi hin awwaalamin. Poolisichi Toleeraa qaama seera jala erga oolche booda Toleeraa gara biiroo isaa qabatee seene. Erga biiroo keessa seenaniin booda teessoo lamatu jira teessoo sanarra tataa'an.

Inispeektar Alamuu: Sababni lubbuu namaa galaafatteef maali laata?

Barsiisaa Toleeraan cal jedheetu lafa ilaala.

Inispeektar Alamuu: Dubbadhuun siin jedhaa bar jedhee harkaan teessoo rukute.

Barsiisaa Toleeraan yaadni isaa gargar bibittinaa'an sana walitti sassaabee rifatee fuulaan qaama isaa ilaalaa akkas jechuun wanta itti dhagahame ibsachuuf yaale. "Diina kooti waan ta'aniif akkasumas durduuba koo deemaa faana koo waan dhahaniif lubbuu koo galaafatuuf dhufanii mii kan jedhu ijjannoo akkas fakkaatu fudhadhuu danda'e" jedha.

Inispeektar Alamuu : Eenyuu dha inni kan ati ajjeefte?

Barsiisaa Toleeraa : Barsiistota nu waliin barsiisan keessaa dha.

Inispeektar Alamuu : Maaliin mirkaneessite isaan ta'uu?

Barsiisaa Toleeraa: Isaanuma nan beeka yeroo hedduu natti dhaadachaa turan. Akkasumas baay'ee ana sodaachisaa turan.

Inispeektar Alamuu: Maarree lubbuu namaa baasuun seeraan akka nama adabsiisuu hin beektu moo seera jalaa bahuuf yaalte?

Barsiisaa Toleeraa: Nan beeka seera jalaas bahuun akka hin danda'amne sirritti beeka. Garuu ofii kootii injifatamuu mannaa ofii kootii injifadhee du'uu naaf wayya jedheeti.

Inispeektar Alamuu: Pa, jabaa keenya injifattee abboo lubbuu hiyyeessaa galaafattee abbaa ijoolleerraa akkasumas haadha warraa irraa lubbuu isaa dhabamsiiftee amma afaan qabdaa hin dubbattaa goota keenya amma lubbuu namaa galaafattee, akka san maqaa barsiisaadha. Si'ii amma kan barataa barsiisee galmaan gahu maali kun hin hubanneen wayii.

Barsiisaa Toleeraa: Callisuu filatee ijaan lafa ilaala.

Inispeektar Alamuu: Bahi amma tana jedhee poolisii mana sirreessaati Toleeraatti ramadameen “Baasi narraa kana ijji koo isa arguu hin fedhu” jedha.

Poolicha ramadame, " Hayyee inispeektar jechuun Toleeraa qabatee biiroo isaatii gadi baheenii, mana hidhamtoottaatti isa darbate. Hubadhaa guyyichi kun otoo reeffi hin awwaalamin. Firri ykn warri barsiisaa Toleeraas bakka jiranitti Toleeraan akka nama ajjeese akkasumas to'annoo seeraa jala akka oole. Dubbiin kun gurra isaan buuteetti.

Gosa warra Toleeraa keessaa Jaarsa cimaa tokkotu jira. Jaarsi kun maqaan isaanii Gabii Usuu kan jedhaman. Jaarsa kana dubbiin kun gurra isaan buunaan maatii warraa waliin mari'atuun battaluma bakka Toleeraan jiru iyyaafatee dhufe.

Reeffi namicha du'ee guyyaa sana awwaalamu hin dandeenye guyyaa itti aanu boruntaatti dabarsan. Jaarsi Toleeraa iyyaafatee mana sirreessaati itti dhufe.

Gabii: Akkam jirta abboo?

Toleeraa: Jirra Aabba Gabii sila akkamitti dhufuu dandeessan laata? akkasumas eenyuutu immoo dubbii tana isin dhageessise?

Gabii: Ayiiiiii dubbii baraanaatu dhokata jetteeti ilma koo.

Toleeraa: Erga dubbiin dhaga'amtee maal ta'u sila wanti uummame uummameera kalaas.

Gabii: Maal taate ilma koo hiree namaa irratti gocha suukaneessaa kana fakkaatu maaf dalagda?

Toleeraa: Aabba Gabii rabbiin nu uumetu qofatu beeka. Ani otoo hin beekin diinota yeroo baay'ee ana eeggatan natti fakkaatee otoo durduuba koo deemu inni yaaduma isaa otoo fiigu anatti waan fiigu, natti fakkaatee otoo itti hin yaadin kan lubbuu isaa galaafadhe.

Jedhee boo'icha itti hammeessaa, imimmaaniin fuula isaa of dhiqaa jaarsa itti haasa'aa jiru sana achumatti dhiisee gara mana sirreessaa ofii deebi'e. Jaarsi kun dubbiin inni amma itti hime kun isa cinqeera. Gabiin naannawa amma jiru kanaa dubra isaa hangafaa Faa'izaa Gabii asitti kan heerumsiise soddaa asii qaba. Warra Soddaa sana dhaqee haala jiru hunda warra soddaa mariisisuuf yaale. Soddaan isaa jaarsa cimaadha. Isaanis Obbo Huseen Suufoo jedhamanii waamamu. Sababa du'a kanaan isaan jeequmsa kaasuuf yaalan lolee tasgabbeessuu danda'eera. Maanguddoon lamaan kunniin Obbo Huseen Suufoo fi Obbo Gabii Usuu wal ta'anii gocha uumame hunda isaa jalqabaa hanga dhumaatti qaama seeraa irraayis qulqulleeffatanii araara buusuuf jaarsolii biyyaa, dargageessaa naannawaa akkasumas firoota walitti qabanii araarsuuf dirqaman. Hawaasni dur akka hamaa dallane dubbiin jaarsotarraa gurra isaan buute garaa isaan laaffifteetti. Dubbii jirtu hunda isaa jaarsotarratti fe'an. Jaarsoliin lamaan dubbii araaraatiif karaa saaqan sun dhimicha itti seenaniiru. Dhimichi isaan wal faana dhama'aniif kun gumaa baasuuf, gumaa baasuu qofa dha. Maanguddoon Obbo Gabiin hawaasa namtichi irraa du'etti otoo reeffi hin awwaalamin nu of kalchaa beekee miti mucichi lubbuu mucaa keessanii kan baase uumamteedha. Otoo hin beekiniidha. Kun kan ta'e sababa ta'iinsaatiif harki keenyatu nu xuraayee jira. Jedhee Obbo Gabiin Abbaa Bokkuutti harka isaa kennata.

Abbaan Bokkuus Obbo Doorii Tum'aa kan jedhaman. Obbo Dooriin maanguddoo harka isaa kennate kana ol jedhi jedhaan. Akkasumas namichi lubbuu namaa baase sun meeti jedhee Obbo Gabii gaafata. Obbo Gabiin mana seeraatiin walii galee Toleeraan akka dhufu taasisa. Toleeraan Abbaa Bokkuu kana bira dhufeera. Abbaan Bokkuus isaan itti dhufan kana mana jilaatti isaan dhoksee hawaasa naannawatiin reeffi akka awwaalamu ajaja. Hawaasnis haala adeemamaa jiru kana hubataniiru. Reeffas sirna ofii qabaniin awwaalataniiru. Obbo Gabiin maatiin firri warra Toleeraa keessaa muraasni akka dhufu dhaamsa dhaammata. Maatiin warra Toleeraas muraasa ta'anii dhufan. Akkuma dhufaniin dhimmicha waan beekaniif Abbaa Bokkuutii sagada eegalan. Adeemsi sagada kanaas kan godhamu dura Abbaan Bokkuu baheeti. Maalimni dhukoo(ukoo) hidhatee, jilli waanjoo baatee, durbi duudaan buqqee duudaa baatteetti, fardatti cancalli kaahameeti namoonni kunniin Toleeraaf jaarsa maanguddoo Obbo Gabii dabalatee sagada dhageesisaa gama warra du'eetti garagalanii ciisu. Hawaasni naannawas yeroo muraasaaf namuu isaanitti hin dubbatu. Isaan hawaasa naannichaatti garagalanii ciisan guyyaa torba erga ciisan booda hifatanii, " Maali nu tuffatanii, maaliif nu duraa didu laata? jedhanii bifa dallansuu ykn aariitiin dubbatu. Abbaan bokkuu naannichaas "Maalimni ukoo keewwatee, fardi cancalaan dhaabataa, jila waanjoo baatu gatiittiin cabee, durbi duudaan ni ijaajjitti,

maaloo maallimicha irraas ukoo naa hiikaatii gadi na teessisaa. Hawaasni naannawa Aabbuun itti lubbuu ofii dhabees waan Abbaan Bokkuu gaafate guutaniiti "Maaliif nutti saafu? " Jedhanii Abbaa Bokkuu gaafatu. Innis "Jaarsaan naa gahaa, " jedheetiniin deebisa. Kanaan booda gama lamaaniinuu jaarsoliin waltajjii taa'anii araara dubbatan lakkaawwatananiiti guyyaa beellamaa qabatu.

BOQONNAA JAHA

AKEEKA ARAARAA

Guyyaan wiixata, guyyaan har'aa barii beellama jaarsoliiti. Jaarsi karaa lamaanuu yammuu wal gahu hundumaa durseeti. Gatiin warri namni jalaa du'ee gaggeessaa namichaatiif baase akka kaffalamu murteessa. Guyyaa har'aa kana qaamni seeraas dubbii kana keessatti hirmaatuuf dhufa. Maatiin firri Toleeraa murtii jiru dabarsanii gumaan yoom akka kaffalamu beellama qabatanii wal biraa galu. Qaamni seeraas Toleeraa mana sirreessaatti deebisa. Maatiin barsiisaa Toleeraa harka qalleessa waan ta'aniif naannawan isaan jiraatan Godina Arsii, Aanaa Digaluufi Xiijoo, Ganda Ashabaqaa Walqixxee jedhamtu jiraatu. Ergasii hawaasa waliin jiraatanitti deebi'anii tokkoon tokkoon irra naanna'aa, "**Gumaatu nutti galee nuu hirphaa**" jedhanii hawaasa waliin jiraatan san kadhatu. Maatiin kun hamma gumaan irraa xumuramutti meeshaa fayyaatti hin nyaatu, kursii fayyaarra hin taa'u, sireerra hin rafu. Kana malees rifeensa isaaniis hin dhiqatan, qeensas hin qoratan, wayaas hin miiccatan. Sababnis ilmi isaanii gumaa isaanitiin gale. Maatiin barsiisaa Toleeraa gaafa hirphaa haawaasa naannawa isaan jiraatanirraa guuranii waliin gahan, jaarsoliin duraan beellama qabatan beeksisan. Akka isaan fala godhan. Falli kunis balleessaa ilmi isaanii raawwate balleessaa sanarraa akka qulqullaa'u taasisuu dha.

Achi booda maatiin fi firri barsiisaa Toleeraa loon shan, raada tokko, jibicha sadiifi dullacha tokko qopheessu. Loon shan kana keessaa raada tokko bakkeetti ari'u. Raadattii deegatu fudhata. Jibicha tokko immoo ni qalu. Kan qalu warra Aabbuu Umar ykn hawaasa naannawaati. Wayta jibicha kana qalan Toleeraa waaman. Sababnis jibicha qalan san akka qabuuf. Toleeraanis akka isaan arganii itti hin rifanneef gonfoo kaawwatee dhaqee qabaaf. Akkuma morma jibichaa gorra'aniin Toleeraan gara lagaa deemee wayaa isaa dur hin miicanne sana akkasumas qeensa dur hin qoranne san dhiqatee rifeensas haaddatee, wayaas miiccatee erga qulqulleefate booda namootatti makama. Firri ollaan hawaasni naannawaa Aabbuu Umar irraa ajjeefamee hirphaa warri barsiisaa Toleeraa kadhatee fide san, farda tokkoofi jibicha lamaan hafan keessaa isa tokko fudhatee gala. Warri Toleeraa immoo jibicha hafe sana fudhatee biyya irraa dhufetti gala. Fardicha sana aantee gumaa sana nyaatetu yaabbata. Qarshii garuu ollaa, fira fi hawaasa naannawaa warra Abbuu Umar tu itti hirmaata. Achi booda warri Toleeraa fira namicha du'eetti jaarsa erganii waamu. Warri namni jalaa du'es ni dhufu. Loon shan keessaa dullachi hafe sun akka qalamu dhihaata. Osoo dullachi hin qalamin buqqee (wullee) duudaa fidaniitu uru. Warri gama lamaanuu buqqee unaniiti **"Hadhaahaan baate,"** jedhu. Bishaan qulqulluus fidanii unaniitu, "Walitti mi'oofne " jedhu.

Sana booda dullachi sa'aa sana dhaabaniiti akka walii hin gallee garanaafi garasiin uffata dhiisanii daheessu. Garaa dullachaa sanaa jalaanis harka wal qabatanii wal eebbesanii wal gad dhiisu. Dullachi sa'aa sun ni qalama. Sanaan mayeessa mari'imaan dullachaa baasaniitu lafa kaa'u, foon isaa ni kochisu. Warri gara lamaanuu foon isa kochifame barruu harkatti guuttatanii taa'u. Warri ajjeese dirribaa bitee fideetu gareen karaa lamaanuu wal cinaa taa'anii gonfatu. Foon barruu harkaa guuttatan sanas dirribaa waliin goonfataniitu harka walirraa nyaatu. Dirribni isaan waliin uffatan kan warra firri jalaa du'ee ta'a. Bariituu isaa mar'imaan dullachaa kan lafa kaa'anii turan fidaniitu isa keessaan harka wal qabatu. "Mar'imaan taane, walitti deebine" jedhanii wal eebbisu. Sana booda mana walii dhaqanii jibichoota gaafa duraa addaan hiratanii galan walii qalanii wajjiin nyaatu. Faloon baateetti. Barsiisaan Toleeraan yakki inni dalage qaama seeraa biratti hidhaa salphaa isa adabsiiseera. Sababni hidhaa salphaa itti murteefameef qaamni seeraas araara maanguddoonni ganamaa, galgala dhama'aniif kana dhugeeffatee, labsii jaarsotaa waan amaneef keeyyataan hidhaa salphaa waggaa 5 tiin isa adabeera. Barsiisaan Toleeraan hidhaa mana murtiitii itti murteefame sana xumuratee mana hidhaatii baheera. Akkuma mana hidhaatii baheen bakka dura dalagaa barsiisummaa dalagaa jiruu irraa jijjiirraa argatee gara Godina Arsii Aanaa Heexosaa magaalaa Itayyaatti dalagaa barsiisummaa isaa eegale.

Hawaasni naannawa Aabbuun itti ajjeefamee tasgabbaa'ee jira. Hawaasni kun hawaasa safuun buluudha. Akkasumas hawaasa duudhaaniifi aadaan buluudha. Hawaasni kunniin dubbii maanguddootaa otoo fuuldura hin dhaabbatin kabajuudhaan dhimma jiru hundaa jaarsotaa waliin xumuraniiru. Hawaasa naannawa sana jiraatan keessaa ollaa maatii warra Aabbuu Umar waliin yeroo dheeraa jiraataa turan tokkotu jira. Ollaan kun warra Girmaa Gizaachaw jedhamu. Haati warraa Girmaa Aadde Tigist jedhamti. Leeylaa abbaan warraa ishii irraa du'e, gaafadha jettee manaa baate. Tigist naannawa san yeroo dheeraa ollaa kana waliin turuu dandeettee jirti. Haadha warraa namicha addunyaa kanarraa boqatee sana bira deemte.

Tigist: **"Indeet aaddarshi leeylaa"** Akkam bulte Leeylaa jechuu isheeti.

Leeylaa: " Nagaa bulle ati akkam bulte Tigist.? "

Tigist, '*Inyaam salaam nen, Aabbuu xuwaat ka beet waxxoo saaygabaa ba hiyoot aalfoo yassuu reesaa beet gabbaa, baxaam naw yaazzannaw minim maarag ayichaalim ka izgiyaaber tizaaz naw, taaggishii, xankirii ya Gishee innaat'*

Tigist: "Nus nagaadha, Aabbuun ganama manaa bahee otoo hin galin lubbuun isaa darbitee reeffi isaa manatti gale. Baayyee gaddine homaa gochuun hin danda'amu rabbiirraa dhufte.

Obsi jajjabaadhu haadha Gishee akka waan jechuu isheeti.

Leeylaa: Maal gochuu danda'a re rabbiitu gubbaa ajaje." Hiree kooti jedhaa imimmaan fuula ishee gubbaa dhangalaasaa, mataa ishee bitaa mirga raasaa, boo'icha itti hammeessite.

Tigist: ***'Taaggishii ya lij innaat ihee lijish ya baalabeetishin dam yimallisiilishaal kaaddage'*** Obsi haadha dhiiraa ilmi kee kun dhiiga abbaa warraa kee kan dhangala'e kana siif baasa gaaf guddate. Akka waan jechuu isheeti. Daa'imni taa'ee imimmaan dhangalaasaa jiru dubbiin tun Aadde Tigistirraa gurra isa buunaan imimmaan dhangalaasaa jiru of irraa haxaawee daa'imni kun akka nama guddaa "Dhugaa jettan dubbiin afaanii isin baate tun hin haftu" jedhee miilaan lafa rukutaa, hidhii ciniinnataa, daa'imni dur mana taa'ee haadha isa ijaa keessa ilaalu, utaalee mana keessaa gara alaa bahe. Aadde Tigist Gishee miirawaa ta'ee utaalee gara alaa bahe kana akkas jechuun dubbii ishee yeroo lammaffaaf afaanii baafatt**e." *Ihee lij yaastawiqaal ya'abbaatuun dam yamimalis yimaslanyaal."*** " Mucaan kun ni beeksisa dhiiga abbaa isaa waan deebisu natti fakkaata" akka waan jechuu isheeti. Aadde Tigist daa'ima kanaan Dammallaash jettee maqaa isaa moggaafteef. **Gumaabaas** akka waan jechuuti. Haati Gishee aadde Leeylaan maali wanti isin haasoftan dhiiga abbaa warraa koo gumaadhaan xumuran bar. Isin safuu, duudhaa fi aadaa hin beektanii sila ilma koo yaada akkamii sammuu isaa keessatti boctan sila.

Hin fedhu dubbii akkanaa tana jetteen aadde Tigistiin. Aadde Tigist **" Gumaa, gumaa bahaal, bahaal tilaallaachu idmeeyaachun bamulu. Lamaanninyaahum xankaarraa lij, izgiyaaber sattooshaal barchii ya lij innaat, xankirii."** "Gumaa gumaa aadaa, aadaa jettan umrii keessan guutuu, waanumaafuu ilma jabaa xiiqeffataa rabbii siif kenne jira. Jabaadhu haadha dhiiraa obsi jajjabaadhu jettee jajjabeesitee biraa deemte. Haati Gishee ilma ishee Gishee waliin obsaaf harka laataa Gishee wanta hamaa irraa isa gorsaa, daandii milkaa'inaa isaa itti akeekaa wal faana jiraataa jiruu isaanii itti fufan..."Gaafa gumaan Abbootii Bookkuun sirna Oromtichaatiin xumurame, gumaa nama du'ee sana baafanna jechuun akka aadaa oromootti safuu dha."Jechuun Haati Gishee Aadde Leeylaan Gisheef gorsa kana himti. Mucaan kun gorsa haadha otoo hin dhagahin, xiiqiin isa injifannaan murannoo ofii jabeesse. Dubbiin aadde Tigist mucaa biratti haasofte mucaa kana sammuu isaa keessa marmaaraa jira. Umrii daa'imummaa kanaan xiiqiin mucaa kana keessatti uumamtee jirti. Gisheen qe'ee mana isaanii irraa fagaatee hurufatti achi bahee muka tokko jala taa'a. Madaa onnee isaa fuula ofii gurraachessee, hidhii ofii ciniinaa, ulee lafaan dha'aa, madaa keessoo isaa haala kanaan ibsata.

Sa'ichis dhale jedhu, kan dhalates jibicha ykn raada
Seenaa abbaa kootii seenesseetiin yaada
Madaan keessa kootii halkanii guyyaa aada.

Sa'ichis dhale jedhu turus hoosiseetiin gu'a
Dhiiga abbaa kootii baasuuf tulluu bahee bu'a
Gumaa abbaa kootii cichee baasee du'a.

Quba shanan keessaa isa tokkotu akeeka
Gubaa keessa kootii rabbiif ana qofatu beeka
Gumaan dhiiga abbaa kootii taa'ee ana eega.
Jedhaa xiiqii keessa isaa, gubaa madaa onnee isaa haala kanaan ibsata.

BOQONNAA TORBA

Simannaa Qilleensaa Haaraa

Barsiisaa Toleeraan mana barumsa Itayyaa sadarkaa tokkoffaa elemantarii barattoota barsiisa. Naannawa hojii isaa itti dalagutti loon bitee, loonis horsiisuu danda'eera. Ogummaa barsiisummaa isaa dalagaa, maatii ofii guddifachaa jiruu isaa jiraata. Toleeraan nama isa gargaaru, nama loon isaa tiksu qarshiidhaan qacaruu barbaada. Ollaa warra barsiisaa Toleeraa kan jiraatan, Obbo Nuuraa Aadam kan jedhaman baadiyaadhaa naannawa Aanolee Saallanii jedhamu fira qabu. Maatiin warra Wayyeessoo, fira warra obbo Nuuraa Aadam waliin walitti dhiyeenya qabu. Halkoof Wayyeessoon magaalaa Itayyaadhaa namni nama qacaruuf barbaadu ni jira kan jedhu dubbiin tun gurra isaan buuti. Halkoof Wayyeessoon ilma isaanii Turee ofis jijiiree, nus akka jijjiiruu jechuu maatii warra barsiisaa Toleeraadhaaf kennan. Tureen irree jabeeffachaa dhufeera. Umriin isaa kudha 17 taateetti. Tureen loon warra itti qacaramee ganamaan baasee tiksaa oolee galgala galcha. Warra barsiisaa Toleeraati jechuudha. Mucaa hiyyummaan dura dararaa ture, har'a nyaatee quufee bula. Tureen irree jabeefataa, yaada galfataa, jijiirama qaamaa agarsiisaa dhufe. Fooliin dargaggummaas irraa urgoofti. Tureen intala warraa ishee hangafaa Jiituu irraa jaalalli isa booji'e. Jiituun intala miidhagduu, bareedinni ishii urjii, ifti ishii addeessaati. Intala keessi ishee walkeessaa, dabbasaan ishee

dheeratuurra darbee dugda boraafata. Dhiirri ishee ilaale bareedina isheetiin booji'ama. Intala nyaarri ishee akka xaafii tuulaa wal irra ciciisu, ciisuu qofaa re magaaltittii nyaara kuullee bareedina ija ishee akka biiftuu calaqisa. Funyaan ishee konona gadi qajeelaa, intala hidhiin ishee burtukaana, ilkaan ishee aannan. Irgi ishee gurraacha. Kaarru qabeettii kan taate dha. Gaafa mormatti gadi siqne, Mormi ishee dheertuu akka santawwaa, harmi ishee guntutni wal maddii akka wardiyaatti bitaa mirga wal bira dhaabbatee jiru, gaafa harka kee gubbaa keessu akka eboo si waraana. Mul'iinshee sonsa, sarbaan ishee gudeelcha fakkaata. Koomeen ishii bilillee fakkaata. Intala dhiiraan wal qunnamtee hin beekne dha. Durbummaan ishee dungoo ibsaa hiree isaaf laatame eeggataa jira. Intala akka maqaa isheeti, magaallee naatoo qabeettiidha. Jaalalli ishee kun Turee mankaraarsaa jira. Jiituun gaafa Tureen loon ganama baasee tiksaa oolee galgala galchu nyaata isaaf laatti. Barii gaaf tokko Tureen ganamaan ka'ee looniif cidii ykn galabaa kenneefii, ciree nyaatee loonsaa tiksuuf yaase. Bakka loon tiksutti jaalala intalaatiin jaanja'aa oola. Of jibba, haasaa nama waliin hin hammeessu. Jiituun yaadaan kaatee fuldura isaa dhaabbatti. Gaafa waa'ee ishee dhagahu rifannootarraa kan ka'e onneen isaa parsantaa 98.9% rukkutti. Tureen kiyyoo jaalalaatiin sakaalameera. Oolee bulus ishuma yaada.

Guyyaa loon ganama baasee tiksaa oolee galgala galchu, Jiituun nyaata qophaa'e kennitiif. Guyyaa tokko loon tiksaa oolee galgala gala. Loon mooraatti ol naqee nyaata nyaachuuf gara manaa ol seene.

Jiituun , “Abboo dadhabde fakkaatta kaa har’a” jetteen

Turee: Loon tiksaa jooraa ooluun waan salphaa sitti fakkaatee kan dadhabbii koo hubachuu dadhabde?

Jiituu: Hubachuu dhabuu miti har'a dadhabbii kanaan dura sirratti hin mul'atin waan fuula kee gubbaa dubbiseef siin jedhe dhiifama.

Turee: Hayyee sinboo too!

Jiituu: Maal sinboon immoo eenyu!

Turee: Sima kaa lubbuu too!

Jiituu: Ati gudii dubbii qabda amma isa dhiisi nyaata siif dhiyeessa harka kee dhiqadhu.

Turee: Fuula kee qofa ilaaluun koo akka waan nyaata nyaadheeti!

Jiituu: Har'a akkam akkam si haasofsiisa gurbayyoo?

Turee: Akkuma haasa'aa jiru kana kaa.

Jiituun "Kan kee ajaa'iba barana" jettee nyaata isaa dhiyeessuuf biraa sokkite. Tureen isheen biraa deemnaan ba'aa harqoota jaalalaa yeroo dheeraaf baadhataa ture, akkasumas isa keessi isaa yeroo dheeraaf jaalala isheetiin dhama'aa ture, mankaraaraa ture afaan godhatee erguma isheetti haasa'e isa dura isheetti haasa'uu sodaate, isa dura jaalala isheetiin woxalamaa ture har'a isaaf salphate fakkaata. Sodaan keessa isaa harkoota jaalalaatiin sakaalame, har'a hamma tokko irraa harca'eera. Adeemsa keessa Jiituutti dhiyaachaa dhufe. Jiituunis of irraa hin dhiibne. Intalti tun hiyyummaa warra mucaa kanaa maatii irraa dhageessi. Dubbiin isheen dhageesse kun keessa ishii baay'ee weerare. Jiituun Turee kunuunsutti kaate, seenaa isaa qorachaa, isa waliin yeroo dheeraa teesse haasa'u hawwiti. Rakkoo keessa isaa isarraa qooddachuu feeti. Tureen mucayyoo tana jaalachuu maatiin waan irraa beeku tokkollee hin jiru. Jiituun adeemsa keessa to'annoo jaalala Turee jala oolaa dhufte. Akkasumas keessi ishee Turee jaalataa dhufe. Hariiroon isaan lamaanii cimaa dhufe. Tureenis seenaa maatii isaa waliin dabarse jalqabaa hanga dhumaatti itti hima.

Rakkoolee dabarsan, hiyyummaa dhandhamaa akka jiraataa turan seenaa jiru hunda isaa isheef hima. Jiituun seena Tureerraa dhageessu kana baay'ee yaadaan joortee isaaf mararfatti. Jiituun ilaalchi isiin Tureef qabdu adda. Nyaata siif laatame nyaattee, quuftee jechuun baay'ee hordofaa kunuunsiti.

BOQONNAA SADDEET

ICCITII QORMAATAMUUF DEEMU

Guyyaan darbus darbee, har'a guyyaan dilbata. Maatiin warraa hundi isaanii wal gahanii nyaata nyaatu. Guyyaa kana isaan bira Toleeraan hin jiru. Ijoolleema fi haadha warraa Toleeraa aadde Hawwaa qofatu jira. Otoo nyaata dhiyaate nyaataa jiran giddumaan Jiituun yaadaan imalti. Harkaan gara meeshaa nyaata itti dhiyaatuu, ijaan gara biraa yaadaan godaanteetti.

Haadha Jiituu : Maal taate intala too?

Jiituu: Harmee homaa hin taane.

Haadha Jiituu: Sirrii hin jirtu nu nyaata nyaatutti jirra ati garuu yaadaan imalte.

Jiituu: Harmee wanti an jedhu Tureen har'a ganama otoo nyaata hin nyaatiin loon tiksuuf yaasee oofe.

Haadha Jiituu: Maal natti himta nyaata laadhuuf siin jedhe maaliif kennuufii didde?

Jiituu: Harmee too maal sitti fakkaate wayta an hirribaa ka'ee, nyaata nan laadhaaf jedhu inni hin jiru ture.

Haadha Jiituu, " Hin deenne malee, innis kan koo bar waanumaafuu ilma too nyaata kenniifii koottu bakka inni loon tiksu iyyaafadhuuti ammuma deebi'e."

Jiituuns, " Hayyee harmee too iyyaafadhee qabadhee deemaniif" jettee nyaata Tureen nyaatu haati Jiituu qopheesitee intala ishee Jiituutti kenniteef. Jiituunis nyaata qabattee, Turee iyyaafataa, jooruu ishee itti nam'ite. Ijoollee loon tiksitu hedduu isaanii iyyaafattee Turee bira geesse.

Jiituu, "Turee akkam? si barbaacha otoo jooru qaamni hundi dafqaan dhuunfatame." Jiituunis dadhabbii guyyaa tokkos ishee mudatee hin beekne har'a ishee qunname. "Uuuuuuffff" jettee hafuura ciccitaa keessa isheetii bahuu tokko ol hafuurfattee of irra gadi teesse.

Turee, " An haa dadhabu laphee too! maalumaaf ifaajje laata warrumatu si ajaje moo fedha keetiin ofumaa kaatee dhufte?"

Jiituu "Aaaay maatii koo nan sobe bar Tureen har'a ganama otoo nyaata hin nyaatiin loon tiksuuf yaasee oofe" jedheen. Isaanis rifatanii battaluma dafiitii fidiif nyaata naan jedhan. Anis duraa fedha qaba ture. Maarree keessa naaf dhufte miiree?"

Turee: Ati bar rabbiin gaafa si uumu anaaf si uume bar. Naa jiraadhu jaalallee too! Haadha naaf taatee na kunuunsita. Harmee too akkas jaaladhu sana bakka naaf buute miidhagduu too.

Jiituu: Rakkoo hin qabu amma takkaa loon garas deeme san as deebifnee muka sana jala teennee haasofnaatii beenu. Deemanii loon garas deeme san deebisanii muka san jala taa'anii dubbii isaanii itti nam'an.....

Jiituu " Turee koo ija tokko maal taate sila?"

Turee " Jiituu too yeroo daa'imummaa koo otoo ijoollee loon na waliin tiksitu waliin otoo tapha taphachaa jiru kufe. Bakka kufe sanatti dhagaan xiqqaan tokko utaalee ija koo rukute. Battaluma ijoolleen ana qabatanii maatii koo bira na geessan. Maatiin koos battaluma mana ija itti wal'aanaman bira na geessanis homaa fala argachuu dhabe. Fayyuu hin dandeenye rabbumatu gubbaa na ajaje maal godhama silaa ? jedhee isheef deebisa.

Jiituu " Edaa akkas turee rakkoo hin qabu bareedaa koo!" Dubbii isaanii dabareedhaan wal harkaa fuudhaa itti fufan..... Loon tiksaa otoo isaan taa'anii haasa'an, namni tokko ilaalaa, ilaalee Jiituu ta'uu argee hubannaan galeetuma Abbaa ishee Toleeraatti oduu hin taane otoo hin hubatin itti hime. Tureef Jiituun yeroo dheeraa wal faana dabarsaa loon tiksaa oolanii galgala galchan.

Abbaan ishee Toleeraan jalqaba mucaa arrabaan qabate. " Hiyyeetti kan dura gogogdee, akka lilmoo fakkaatu. Amma garaa guuttannaan kana naaf eegaltee ballaa, jaamaa akka inni jiru fokkataa wayii" jedhee Turee arrabaan dubbii adaba hin qabne otuu safuu hin eeggatin dubbii akkas fokkisaa itti darbate. Tureen obsaadha, hunda isaa irra darba. Toleeraan barsiisaa haa ta'u malee nama safuu hin beekne, nama adaba hin eegganne dha. Intala isaas hin dhiifne. " Daldaltuu jabduu too qirixxisakee oolte kaa naa, durriyyee deebi'ee gurri koo wanta akkasi mee dhagahu lubbuu si keessaa baasa. Intala guddataa jirtu tanaan jechaan hamilee ishee cabsa. Maseena, haftuu harmi jige, gursummeettii, jedhaan intala isaa tanaan. "Deemi asi amma na biraa" jedheen.

Hawwaa, " Maal taate abbaa ilmaa anatu ajaje bar mucaan ormaa otoo nyaata hin nyaatiin loon tiksuuf manaa bahe. Isaaf bar safuu nutti hin ta'uu, maal taatee loltaan otoo inni nu biraa deemee ofii keetii loon hore kana tiksuu heddaa?

Toleeraa, " Usi si wanti galchu hin jiru."

Arrabni obbo Toleeraan Turee arabsan Turee xiinsammuu isaa miidheera. Mucaan dur obsee taa'u, mana kana keessaa bahuu dirqame. Wayaa isaa walitti sassaabatee, deemuuf wayta ta'u, haati Jiituutiif Jiituun kadhatanii hambisan. Murteen Turee akka obbo Toleeraatiif otoo hin taane haadha Jiituutiif akkasumas jaalallee isaatiif jedhee aarii qabus ofitti gadi cabsee, obsee hafuuf dirqame. Dirqamee hafuu qofa osoo hin taane, jaalala isheef qabu haala kanaan ibsate.

Madaa jaalala onnee keessa kootii naaf laatteetta qorsa
Jalalaan na utubdee naaf laatteetta gorsa
Naafimi waan an balleesse balleessaa koo nan sororsa.

Tiruun foonii mitii, dhiigatu itita
Yoon fuula kee argu keessi koo na ciccita
Yoon gadi taa'ee yaadu, yaada keetiin lixa.

Yoon dadhabee ciisu abjuun natti dhufta
Abjuu sana keessas fudhattee naan lufta
Jaalala keessa keetis ana qofaaf bantee isa kaaniif cufta.

BOQONNAA SAGAL

Fedhii Hoonga'e

Guyyaan har'a jimaata. Har'a guyyaan guyyaa gammachuuti. Addunyaa kanaratti guyyaa gammachuu yoo jiraate, guyyaa ayyaanaa, guyyaa cidhaa, guyyaa eebbaa, fi kan kana fakkaatan. Guyyaan har'aa kun **ayyaana**. Ayyaanni arafaa uummata amantii musliimaatiin kan kabajamuudha. Guyyaa kana hawaasni ollaa gara-garaa walitti yaa'ee dhangaa guyyaa kanaaf qophaa'u walirraa qooddata. Inni qabu isa hin qabneef, inni garaa quufee hin beekne guyyaa kana kan qaburraa nyaatee quufee garaa ofii guuttata. Inni uffata qabu isa hin qabneef laata. Maarree guyyaa har'aa kana ollaa warra obbo Toleeraa kan ta'an. Maatiin warra Haaji Abdurrahmaan Abdullaxiif kan ta'an, ollaa isaanii maatii warra obb Toleeraa hunda isaa mana ofiitti galgala waaman. Guyyaan ayyaanaa kun tiratus dhi'uun isaa hin olle. Maatiin warra Toleeraa wal qabatanii gara mana ollaa warra Haaji Abdurrahmaan deeman. Tureen mooraa qe'ichaa akka eeguuf isa manumatti dhiisan. Erga mana ollaa ol seenan booda maatiin ollaa kun dhangaa qophaa'een, maatii itti dhufe kana keessummessuutti fufe. Isaanis dhangaa dhiyaateef kana erga nyaatan, booda haasa'atti gadi taa'an. Jiituun qaamaan mana warra ollaa kana haa jiraattu malee, yaadaan Turee bira jirti. Suuta jettee "Abbaa koo nan dubbisa galee, furtuu naaf laadhu jetteen.

Toleeraanis haasaa warra ollaa kana waliin miirawaa ta'ee haasa'aa waan jiruuf afaaniin haasa'aa harkaan furtuu kiisii baasee Jiituuf kenne. Jiituun furtuu qabattee gara manaa galte. Erga mana geesse Turee manaa dhabde. Bakka inni ciisu wayta laaltu innis ciisee Jiituu yaada. Isa gubbaa dhaabattee Turee jetteen. Tureenis rifatee ol jedhee yammuu laalu Jiituutu isa gubbaa dhaabbata.

Tureen "Maaltu uumame miidhagduu too?" jedheen.

Jiituu " Wanti tokkos hin uumamne isaan achitti dhiisee, nan dubbisa abbaa koo! jedheenii furtuu irraa fuudhee dhufe." Beenu amma mana keenya saalonii keessa teenyaa" jetteen. Tureenis, "Hayyee" jedhee ishee duuba ka'e. Erga mana saalonii gahan booda walitti siqanii, siree tokkorra taa'an. Tureen haala qilleensaa hubachaa tuma itti siqe. Harka isaa rifeensa ishee gubbaa kaa'e. Kaa'ees hin dhiifne harka isaatiin shurrubbaa ishee sana foo'uutti fufe. Akkuma abbaan sangaa didaa san hooqufiititti, harka isaatiin mataa ishee hooqufii itti fufe. Akkuma haati daa'ima ishee hoosiftee rafiftu, Tureenis miira fedhii ishee itti dammaksutti fufe. Hafuura isaa gurra ishee gubbaa yaasa. Hancufa ishee dammaa sana hidhii isaa sana itti qadaadee, harkaan qaama warra gadi jiran daandii isaa haxaawachaa deeme. Erga hidhii isaatiin dhandhame booda kallattiimaan gara qaamaa deebi'ee, morma ishee lookoo sanarra qubate. Harkaa isaatiin uffata ishee irra mulqaa, itti ol deebisaa, erga wayaa ishee irraa baase booda, harma ishee guntuta akka ebootti

nama diru sanarra qubate. Guntuta ishee harkasaatiin susukkuumaa, fiixee arraba isaatiin harma ishee fiixee sana arraabaa, akkuma xaabiyaa FM radiyoo sana fiixe harmaa sana naannessaa, ittuma deebi'e. Arraba isaatiin guntuta lamaan gidduu kaasee, hamma handhuuraatti irra gadi ari'aa, gara daalleetti gadi siqe harka isaatiin rurrukaa diimesse. Sarbaa ishee burtukaata fakkaatu sana kaballaadhaan kabale. Isheen jala ciiftu qaamni ishee hundi dadhabee of beekuun itti ulfaate. Hafuurri ciccitaan keessa isheetii bahuu hafuura uuuuuuffffff jedhu sana hawwitee dhabde. Dafqi qaama ishee irraan yaa'u ishee koloneeffateera. Innis Erga sii'oosii kanneen hunda erga xumuureen booda gaafa addunyaa barbaadu sana keessa seena jedhu, Maatiin warraa itti ol seene. Gaafa Jiituuf Tureen wal qabatanii mana seenan jaalalli isaan lamaan gidduu jiru balbala cufuu isaan irraanfachiifte. Barsiisaa Toleeraan gaafa miila isaa gara mana saaloniitti ol seensifatu, Tureen sagalee miila isaanii xinnoo ishee waan dhagaheef otoo addunyaa barbaadu sana keessa ol hin seeniin, utaalee Jiituurraa ol ka'e. Gaafa mucayyoo bakka ciiftutti dhiisee, utaalee irraa ol ka'ee teessoo gubbaa taa'u, Jiituunis rifattee uffata qabsoo keessatti irraa yaa'e sana ofitti ol deebisaa, akka lukkuu babarrisaa, otoo kaawwattu, Toleeraan isaan arge. Arguu qofaa miti adeemsa qabsoo isaanii kanas hubateera. Uleen jabaan tokko mana keessa jira ture. Ulee sanaan Turee takkattima dhaheen lafatti gombise.

Gombisuu qofaa miti lafattis baay’ee rukute. Gaafa intala isaatti deebi'u isheen miliqxee jalaa baatee jirti. Ammas aarii ishee sana Tureetti baafata. Haati warraa Toleeraa aadde Hawwaan dhiisi mucaa ormaa, ni ajjeeftaa, gumaa yeroo lammaffaaf nutti deebistaa jettee miila isaa jalatti kuftee kadhatti. Yoom aadde Hawwaa sarme, namichi harka dhiigaa kun. Erga uleen dhaanee, bulleesse booda, gara alaa bahee haada ykn tushaa qabatee gaafa fannisuuf itti ol seenu, haati warraa isaa aadde Hawwaan ollaa bitaa mirgaa iyyitee itti yaafte. Ollaan bitaa mirgaa didichee gaafa iyya dhagahee itti dhufu, Namtichi harka dhiigaa kun Turee fannisuuf yaalaa jira. Ollaan didichee dhufes akkuma itti ol seeneen Turee harkaa fuudhan. Ollaan walitti yaa'ee dhufes akkas jedhaan. " Abboo fayyaa qabdaa ilma kee seetaa, kan akka bineensaatti darartu, gocha ilma namaatii hin malle kan irratti raawwattu. Ilmi kunis bar abbaaf haadha qaba hiyyummaatu akkas taasise malee, irraa darbees gosa qaba bar, qomoo qaba bar" jedhaniin. Barsiisaa Toleeraa wanti tokkos itti hin dhagahamu. Ollaan walitti yaa'ee dhufes Turee qabatanii qaama isaa, ulee rukutame sana bakka qaama namaa itti namaa sukkuumsiisan bira geessanii sukkuumsiisaniif. Ollaan biraa mucayyoo isaa Jiituu akka hin tuqne, hin dhaanin jedhanii isa gorsu. Toleeraanis akkas jechuun deebiseef "Lubbuu ishee baasi yoo naan jettan malee fuula koo fuuldura narraa deemanii" jedhaan.

Ollaanis intala isaa Jiituu qabatanii mana ofiitti galaniin. Toleeraan intala isaa Jiituu tana barsiisaa isa waliin barsiisu, barsiisaa Jibriil Qaasimitti osoo isheen hin feene dirqamaan heerumsiisuuf deema. Oromtichis gaafa mammaaku "Mi'a wal fakkaatu wal biratti fannisu" jedha. "**Wal fakkaattuun wal barbaaddi "** akkuma qomoon koo jedhu sana. Barsiisaan Jibriil barsiisota mooraa mana barumsichaa, keessatti barsiisan keessaa nama araada gara garaa fayyadamuun beekkamuu dha. Namni kun akkuma barsiisaa Toleeraa nama aarii hammeessu, fuulli isaanii yoomuu kan hin hiikkanne, kan barattoota waliin hariiroo cimaa hin qabne, akkasuma nama waliinis hariiroo kan hin qabne dha. Yoo xiqqaate umriin isaa 39 hin ta'a. Kanaan dura fuudhee haadha warraa isaa waliin sababuma araada gara garaa fayyadamuu isaa kanaan, wal dhabanii, wal hiikaniiru. Bultiin isaaniis gar gar taate. Barsiisaan Jibriil araada gara garaa baay'ee fayyadama. Akka barataan Ziyaad Nugusee jedhamu himutti, " barsiisaan Jibriil barattoota sirritti isatti dhiyaatan sigaaraa baakkoo gara garaa qabxiidhaan akka jijjiiru ragaa baha. Dabalees yeroo baay'ee jimaan bobaa isaa jalaa hin dhabamu. Akkasuma barattoota isatti dhiyaatan irraa, qabxii isaaniif laataa, dhugaatii gara garaa irraa fayyadama. Barsiisaa Toleeraa, barsiisaa Jibriil, fi barsiisaa Kamaal, adda bahanii taa'u.

Barsiisonni sadan kunniin, mooraa mana barumsichaa keessa mukaa tokko jala taa'u yeroo hunda. Maaliif wal wajjiin taa'u laata? Barsiisota istaafii hamachuu, haasa'a fudhatama hin qabne dabareen wal harkaa fuudhaa haasa'u. Barsiisonni istaafii kuuwwan, barsiisota sadan kanneeniin walii hin galan. Barsiisota sadan kanneeniin ala, Barsiisonni mana barumsichaa hundi isaanii, ogummaa leenji'aniin, kabaja ogummaa isaanii cimsaa, hojii isaanii haala gaariin dalagu. Barsiisonni ogummaa isaanii kabajan kun, barattoota cimsanii barsiisuudhaan, bakka guddaa geessesisaniiru. Mana barumsaa sana keessaa doktoroota, injinaroota, ogeeyyota seeraa, gaazexeessota, barreesitoota, barsiisota, ikoonomistoota, soosholijistoota, antiripolojistoota, qorattoota seenaa fi kan kana fakkaatan hedduu maddisiisaniiru. Akkuma kun jirutti ta'ee, barsiisonni sadan sunniinis barattootuma akka isaaniis bakka buufataniiru. Barsiisaa Toleeraan intala isaa Jiituu nama amala akkanaa qabutti heerumsiisuuf of eeyyamsiisa. Jiituun gaafa oduu akkanaa dhageessu Tureen gargar bahuu yaalu fi eeyyamamuu mitii lubbuu ofii baasuu filatti. Intalli luuccaan dannoorra ciisu, magaala qallitti tana, ilaallataan itti hammaateera. Namoonni gara garaa intala tana barbaacha baddaa, gammoojjiidhaa ishee kadhaa wal kaasanii ka'anii dhufu.

Balbala mana warra barsiisaa Toleeraa fuuldura ganama, ganama Jiituu kadhaa akkuma sirna alaabaa kabajanii hiriiranii dhaabbatu. Jiituun garuu onnee ishee tokkorraa hin buqqifne. Nama hanga dhumaa wajjiin jiraachuu feetu, akkasumas onnee ishee tokko qofaaf bante. Namni isheen feetu yoo jiraate, tokkoof tokko qofa dha. Innis **Turee Wayyeessoo**ti.

BOQONNAA KUDHAN

Albeen Abbaan Qare Abbaa Qale

Guyyaan darbuu qabus darbeera. Tureenis qaama bakka itti miidhame sana sukkuumsifatee fayyeera. Ifaajee maatii warra obbo Toleeraa irraa qabu tokko otoo hin gaafatin, mana ollaa qaama itti sukkuumsifataa ture sanii ka'ee, naannawa itti dhalate naannawa Aanolee Saallaniitti maatii isaa biratti deebi'e. Maatiin isaas gocha uummame kana hin dhageenye. Tureen gocha uummame kana icciteesseera. Maatiinis akka durii sana hiyyuummaa cimaa keessa hin jiran. Hamma tokko loonis horsiifatanii jiru. Duraa Turee maatii kanarraa baasanii gara ofii galchuuf obsaa jiru, hamma dafqa ofii itti ifaaje haa xumuratuuf jecha. Maatiinis akkas jechuun Turee gaafatu. " Ifaajee kee siif laatanii maatiin bira taa'aa turte?”

Turee: Maal naaf laatan jettaniiti?

Maatii: Maal taate?

Turee: Maatiin an ji'a jaha bira taa'aa ture giddumaan dafqa koo gaafannaan deemi asii daqfa maal asii qabda jedhanii dafqa koo na dhoowwatan. Jedhee gocha isa irratti uummame san dhoksee sobuuf dirqame.

Maatiins, “Dhiisi ilma keenya ifaajeen kee isaanumaaf hin taane. Qabeenyuma qabnu xinnoo tana keessa nu haa bulchu” jedhaniin.

Tureen deebisee, "Hayyee maatii koo isin waliin ifaajuu naaf wayya" jedheenii maatii isaa waliin dalagaa gara garaa hojjata. Akkasumas jiruu isaa maatii isaa waliin jiraatuu itti fufe... Barsiisaa Toleeraan loon horsiise kana nama gargaaru dhabee baay'ee rakkachaa jira. Saayibni ykn hiriyyaan barsiisaa Toleeraa barsiisaa keemistirii kutaa 7ffaa kan barsiisu barsiisaa Kamaal Daddafoo kan jedhamu barsiisaa Toleeraa waliin bakka tokko barsiisu. Barsiisaan Kamaal otoo mana barumsaatii gara mana isaa galaa jiru, mucaa fooxaa uffatee, wayaa isaa feestaala booraan ulee keessa diree isaa rarraafatee muka tokko jala dhaabbatu arga. Mucaan kun yoo xiqqaate umriin isaa kudha shan (15) ni ta'a.

Namni Kun Eenyu laata?

Barsiisaa Kamaal: Gurbaa akkam jirta?

Mucaa: Jirra galata rabbii

Barsiisaa Kamaal: Maal rakkatte kan muka jalaa dhaabbatuuf?

Mucaa: Biyya biraatii dhufe nama bira taa'ee nama gargaaruu ofis gargaaruu fedha.

Barsiisaa Kamaal: Dhugaa jettaa? turi mee al takka jedhee saayiba isaa kanaaf bilbila.

Barsiisaa Kamaal: Helo Toleeraa!

Toleeraa: Helo Kamaal akkam jirta?

Barsiisaa Kamaal, “Toleeraa bakka akkanaatti koottu nama wayii siif arge dafi "jedhaan.

Toleeraa : " Hayyee "

Barsiisaa Kamaal mucaa kanaan biyyi kee eessa jedhaan. Mucaan kun kaayyoo mataa ofii qaba. Barsiisaa kanaaf keessa ofii banuufii dide. Murataa, xiiqa'aa, isa onneen daa'imummaan keessatti biqilte. Mucaan kun **Gishee** jedhama. Nama lubbuu abbaa isaa baase iyyaafatee, dhiiga isaa baasuuf nama tarkaanfatu dha. Gisheen odeeffannoo tokko dhagaha biyya isaatti. Odeefanichis " Kan abbaa kee lubbuu galaafate hojiin isaa barsiisaa dha, maqaan isaa barsiisaa Toleeraa jedhama kan jedhu dhagaha. Innis Godina Arsii Aanaa Heexosaa magaalaa Itayyaatti hojii isaa hojjata kan jedhu odeefannoon tunis gurra isa buuti. Namni mucaan kun dhiiga abbaa isaa baasa jedhee haasa'uu mitii inuu hin tilmaaman.

Gisheen iyyaafatee mana barnoota sadarkaa tokkoffaa fuuldura muka tokko jala dhaabbate. Achumaan waayila Barsiisaa Toleeraa waliin wal arge. Barsiisaan Toleeraan battaluma barsiisaa Kamaal bira gahe. Wayta bira gahu mucaa kana biratti arga.

Toleeraa, "Kamaal koo mucaan jettu kanaa" jedheen.

Barsiisaan Kamaal, "Eeyyeen kana" jedhaan. Toleeraan hayyee jedhee mucaa kana qabatee gara manaa galeen. Toleeraan gaafa mucaa kana ija keessa ilaalu rifannoonni qaama isaatti nam'u. Qorachuuf yaaluus Gisheen bakka dhalootaa isaa faallaa ta'e itti himata. Walumaagalatti dhiigni mucaa kanaa barsiisaa Toleeraaf hin taaneef dirqamumaan malee, keessi isaa hin feene. Gisheen nama abbaa isaa ajjeese qoratee bira gahuu danda'eera. Loon isaanii ganama baasee, shira ofiis xaxaa oolee, loonis tiksaa oolee galgala galcha. Gisheen ganama barii edda cinaachi isaa lafa gadhiisee eegalee, hanga aduun dhiyutti boqonnaa sammuu hin qabu. Guyyaa guutuu sammuu isaa dhamaasaa oola. "Fuulli kee yoom ifaa?" jedhanii gaafatu ijoolleen loon waliin tiksitu. Dhibee isaa namni hin arguuf innis gubaa keessa isaa ol baafatee hin dubbatu. Wanta hundaa garaatti fixa. "Garaa madaalaa, afaan qadaada godhatanii nama wajjiin bulu.

Akkas jedhee waan murteesse fakkaata. Tureen amma sirritti dargaggoomee jira. Jiruu jedhee manaas baheera. Tattaafatee, otoo fiiguu bu'ee bahee, boruuf yaadee cimuuf yaale. Waan fiiguufis akeekkaatee, keessi isaa fedhii hojii qabu guddataa adeemaa, kufee hin hafu way argadha jedhee abdata. Bakka yaades ni qaqqaba jedhee hamileen of guutaa, akka kanniisaa tattaafata. Hammuma rakkate, sammuun isaa dhippachaa adeemus, jireenyis bitaa itti galus jireenya kana keessaa bahuuf, Tureen bu'ee baha; kufee ka'a. Waldhaansoo akkasii keessa darbaa xurree ifa itti agarsiistu argata. Ifni inni arge kun dukkana moo'atee gufuu jireenyaafii xurree milkaa'inaa itti akeeke. Barri dukkanaa sun ni darbeef; barri haaraa sun isa simate. Jiruufi jireenyi gufuun hadheesses dhandhama gaarii horachiise. Tureen namarraan muuxannoo halluu mana dibuu leenji'uu carraa Magaalaa Itayyaa keessatti argate. Muuxannoo cimsataa, abbaa ogummaa ta'ee dalagaa isaa ciminaan itti fufaa jira… Jiini Gurraandhala lama guyyaan wiiqxata. Manni barumsaa, seemistara tokkoffaa cufateera waan ta’eef, hamma barattoonni deebi'aniitti kutaa barattoonni itti baratan halluu dibanii haaromsuuf beeksisa baasu. Abbaan ogummaa ka ta’es Tureen beeksisa kana dorgomee darbinaan itti gaafatamummaa ofii fudhate.

Dalagaa isaa hojjachutti fufe. Barsiisonni marii qabu ture guyyaa sana. Barsiisaa Toleeraan moora mana barumsaa keessatti Turee ilaalee arga. Walitti deeman.

Toleeraa, " Ballicha akkam jirta?" jedhaan.

Turee "Wallaalaa wayii kan akka si'ii kanaa amma barsiisaan? Tortoraa dha ati kan akka si'ii kanatu barsiisee doktara baasaa jedhaan.

Toleeraa: Maal jetta gurbaa ?

Turee: Dhageessee jirta. Isuma afaanii na baate kana dha. Ati bar goota dha. Onnee jaalallee too Jiituuf onnee kiyya madeessitee bar.

Toleeraa: Intala too kan akka si'ii ballaa kanatu ishee madaalaa hiyyeettii wayii.

Turee: Ballaan si'i dha. Ijaan ilaaluu dhabuun qofti ballaa nama hin taasisu. Si'i ballaan kan ilaalaa hin hubanne, kan mul'ata hin qabne..

Toleeraa : Siin dhiisu.

Turee: Anis sin dhiisu. Eessattis na eeggadhu siin eeggadha.

Barsiisaa Toleeraan wal eegganna maarree jedhee hancufa Tureeratti tufe biraa deeme. Tureen utaalee qabatee haleeluu dadhabee miti, kabaja ogummaa isaatiif jecha obse. Dhimmi wal eeggannaa kun barsiisaa Toleeraa baay'ee dhiphisaa jira. Mana galee yaada baasee buusa. Nama kana lubbuu isaa galaafachuu qaba. Akkas yoo hin taane ofii dhabamuu kooti jedhee of jeeqa. Tureen nama obsaa dha. Akkasumas nama ilaalcha gaarii qabu dha. Gaafa Toleeraa waliin jechoota walirraa hin eegamne san walitti darbatan, Tureen itti yaade osoo hin taane kan haasa'e, aariima keessa afaanii baate. Namarratti waan hamaa yaaduun uumama isaatii miti. Barsiisaa Toleeraan Turee galaafachuu qaba jedhee meeshaa waraanaa bitate. Gaafa meeshicha bitate sana siree ofii irra ciisu jala yammuu kaa'u, Gisheen isaan bira taa'u arga ture. Guyyaan kamisa dha. Tokko guyyaa har'aa kana Toleeraatti bilbila. Namni kun barataa Magarsaa Lammii jedhama. Barataa kutaa 7ffaa baratuudha. Barataan kun barsiisaa isaa Toleeraa waliin qabxii irratti wal dhabu. Barsiisaa Toleeraan barata kana waanuma walii hin galleef jecha kutaa 7ffaa gara kutaa 8ffaatti akka hin darbine isa taasiseera. Barataa kanatu aarii walitti kuusee eenyummaa isaa otoo of hin beeksisin Toleeraadhaaf bilbilee jechoota hin taane bilbilaan itti darbata. Barsiisaa Toleeraan nama bilbilaan isa arrabsu kana Turee itti fakkaata.

Toleeraan hidhannoo jabeeffatee of qopheessaa jira. Toleeraan amala isaa keessaa dhippachuu, aarii hammeessuu, wanta tokko irraanfachuun amaloota isaati. Guyyaan sanbata har'a guyyaan guyyaa boqonnaati. Barsiisaa Toleeraan yaadaan utaalee manaa bahe. Akka yaada isaatti nama Turee jedhamu kana meeshaa waraanaa qabu kanaan halkan dayeeffadhee lubbuu isaa galaafadha kan jedhuudha. Aariin isa koloneeffatee mana dhugaatii isa seensise. Dhugaatii kana kan guyyaa tokkos fayyadamee hin beekne, har'a akka malee fayyadame. Halkan keessaa sa'aatii lamatti gatantaraa gala. Haati warraa isaa aadde Hawwaaf ijoolleen isaa Jiituuf ishee itti aantu akkasumas Gishee isaan bira taa'u dabalatee akkas jedhu, Toleeraan guyyaa har'aa kana maal ta'e akkas ture kan jedhan baay'ee qalbiin isaan badde. Ni shakkan jechuu kooti. Maarree akkasummatti gatantaraa gala. Akkuma galeen siree isaa gubbaatti lafa dhaya. Haati warraa isaa aadde Hawwaani fi ijoolleen isaa haa rafanii eegee, mucaan qaama xiqqaa yaadni isaa nama guddaa kun meeshaa waraanaa Barsiisaa Toleeraan bitate suuta jedhee fuudhe. Mucaan kun meeshaa waraanaa dhukaasuu hin beeku ture. gaafa itti dhukaasuuf asiif achi yaalu, akka itti dhukaasu wallaale. Gisheen gaafa biyyaa dhufu cuubee qara qabdu uffataan mammaree, qabatee dhufeen. Meeshaan waraanaa sun ajajamuufii dinnaan suuta jedhee gara alaa bahee, cuubee qara qabdu san bakka itti dhoksee, fuudhee suuta jedhee itti ol seene.

Gaafa itti ol seenu Barsiisichi kun dadhabina irraa kan ka'e baay'ee laafe. Otoo yeroo dhibba garagalchiteeyyu reeffa jechuun ni dand'ama. Gisheen suuta eeggatee gama kalee mirgaa kanaan cuubiicha itti naqee, utaalee manaa bahe. Gaafa barsiisichi dhukkubbiin itti dhagahamee, ol ka'ee aadu haati warraa isaaf intalti isaa gaafa bira gahan, cuubiichi qaama isaatti rakkateera. Dhiigni qaama isaa keessaa yaa' u uffata isaa miiccee irraan dhangala'a. Hawwaaf intalti isaa iyya wal harkaa fuudhaa ollaa bitaa mirgaa walitti yaasan. Gaafa ollaan muraasni didichee bira gahu lubbuun keessaa hin baane, addunyaa lamaan gidduu asif achi fiigdi. Battaluma qabatanii mana yaalaa dhuunfaa naannawa san jiru tokko geessan. Manni yaalaa dhuunfaa kunis battaluma riifarii gara magaala guddicha hoospitaala Asallaatti barreesseef. Hoospitaala Magaalaa Asallaa geenyaan lubbuu isaa foonitti nagaa dhaame. Hawaasni naannawaas Gisheen akka waraane faana bu'anii irra gahaniiru. Karaan faana ittiin dhahanii bira gahuu danda'an, Gisheen hiriyyaa isa wajjiin loon tiksaa turetti cuubiicha ittiin Toleeraa ajjeese kana itti agarsiisaa ture. Yeroo waliin loon tiksan. Ajjeesuuf qophaa'aa akka jirus itti himaa ture. Mucaan inni itti hime kun hawaasa naannawaatiif dhimma kana eereera. Hawaasni naannawaas

Gishee barbaadanis argachuu hin dandeenye "achi buutee miila Bakar Waaree." jiraattota naannawaa, fira isaa, hiriyyoota isaa ta'anii Toleeraa addunyaa kanarraa boqateef sirna qabaniin, aadaa qabaniin awwaalcha isaa raawwatan. Guyyaan gaddaa sunis darbeera. Haati warraa Barsiisaa Toleeraa baay'ee gaddite ijoollee ishee waliin. Silaa ka du'etu badaa ka jirutu wal arga akkuma jedhamu san. Barri gaddaa sunis darbeera. Tureen ogummaa isaa sanaan cimee hojjachuudhaan, maatii isaa gargaaruudhaan ofis maatii isaas jireenya fooyya'aa keessa seensiseera. Tureen maanguddoo naannawa isaa qindeessee Haadha Jiituutiitti Jiituu kaadhimatuuf maanguddoota itti ergate. Haati Jiituu Hawwaan maanguddoota naannawa isaanii jiru waliin mari'achuun intala ishee Jiituu Tureedhaaf seeraan aadaa ofii eegdee sirna gooteefii, kenniteefii jirti. Maatiin warra Turees jireenya fooyya'aa sana jiraachaa jiruu isaanii itti fufan...

Haati Jiituus intala ishee quxusuu Alfiyaa waliin jireenya ishee itti fufte..... **G2 fi 2REEN** jireenya isaanii yeroo dheeraaf wal hawwaa turan sana har'a milkaa'aniiru. Jaalalli dhugaan isaan wal jaalatan sun farra jaalalaaf otoo harka laatiin injifateera. Gochi farraa isaanirratti raawwatamaa ture sunis injifatameera. Firiin farraas kana taate.

.....DHUGAA DUUBA JOORI

Dhuma asoosama kiyya walaloon dhaamadha
Hama farraa gaaf dhagahu gurra kootin baqadha
Gocha farraa dhabamsiisuuf sagalee koo qaradha (2×)

Gubbaa siif laatama kennaadha amalli
Ukkaamsuu yaalanis miliqee baha aarri
Dhugaan injifannaan hin milkaa'u farri (2×)

Inni safuu raawwate seera uumaa maqsee cabse
Inni duudhaa hin beekne dhalootaaf aadaa dabse
Dhugaa dukkaneessee waadaa sobaa labse (2×)

Yakki sammuun dorrobe lafee dugdaa cabsa
Dhugaan hidda godhate baala sobaa gogsa
Inni duudhaa hin beekne seenaa dhugaa dabsa (2×)
Farratu dhiichisa gaafa dhugaan maqe

Halluun farraa dacheetti rarraanaan,
Bokkaa fayyadamee dhugaa irraa haqe
Dhugaan finfinee hoo'a hammeesinaan, farri miila jalatti baqe

Dacheen haqaan filatamnaan, haqni dhugaa biqilcha
Mukti haqaan dhaabbate baala baasee ililcha
Faanti haqaan tarkaanfannaan, daandiitu isaaf riqicha

Farri bubbisnaan, cabbii safuu roobsa
Farri miila godhannaan, daandii haqaa maqsa
Haqni ifa bahee muldhannaan, hamilee farraa cabsa

Gaafa huummoon aadu, bofatu xixxiixa
Farra damma qabu, dhugaatu keessaa xuuxee fixa
Addunyaan dhugaa hammaannaan, farri keessaa lixa

Dhalli farraa maseennaan, dhugaatu wal hora
Dhugaan xiiqeffannaan, farratti dhibee ta'ee mataa kora
Farri dhugaatti makamnaan, bubbee dhugaatu addaan sora

Dhugaan daandiitti qajeellaan, farri jajallatee daba
Ijji farraa, ija dhugaa ilaallaan dhaabbatatti gaggaba
Onneen dhugaan tarsa'e, farri suphuu dadhaba

Farri dirree addunyaa dibnaan dhugaan irraa haqa
Jooraa barbaadanii argatu hiree ofii carraaqaa
Guduunfanii kaa'u dubbii hubataa mammaakaa (2×)

Gogeeraam dhalli farraa tarkaanfataa dhugaaaf kaatu
Dhala farraa maseensuuf jooraa galaa dhugaa baatu
Muramte dheerannaan dubbiin dhaamsa hin taatu

Obsanii bira darbu dha, isa hundumaa baachaa
Kan qabuuf kan qabnes, walirraa qooddachaa
Naa dubbisuu keessaniif galannii koo dachaa(2×)

Dhuma dhaamsa kootiin wanti an isinii dhaamu.
Farra duuba kaannaan isin saaxila dhugaan isinirraa caamu.
Ijji farraa dhaamus ijji dhugaa jaamu. (2×)

Xumuureera !